




**MINISTÈRE
DE L'INTÉRIEUR**

*Liberté
Égalité
Fraternité*

MINISTEERA HAAJAA BIYYA KEESSAA

Faransayitti Waajjira Qajeelchaa Dhimma Lammilee Alaa



Faransaayitti
Qajeelfama
Iyyataa Koolu
Galtummaaf

gDA Fulbaana20

MATA-DUREE/QABIYYEE

1. Akaakuu Eegumsaa	4
1.1. Haala Koolu Galaa	4
1.2. Eegumsa Namoomaa (Gara-nyaattoo)	4
2. Daandii Itti-Seensumaa fi Galmeeffamuu Iyyata Koolu Galtummaa	5
2.1. Simannaa Jalqabaa Iyyataa Koolu Galtummaa Taasifamu	5
2.2. Galmeessa Iyyata Koolu Galtummaa Wiirtuu Galmeetti	6
2.2.1. Tarkaanfii Jalqabaa : Pefeekturiitti Galmeessa Iyyata Koolu Galtummaa Keessanii	6
■ Biyya Iyyata Keessan Qorachuuf Itti-gaafatama Qabu Adda Baasuu	6
■ Ramaddii/qooddii Iyyata Koolu Galtummaa Keessan	7
■ Af-gaaffii OFPRAf Filannoo Afaanii	8
■ Kenninsa Ragaa Iyyataa Koolu Galtummaa Ta'uu	9
■ Sababa Koolu Galtummaa Irraa Adda Ta'een Heyyama Turtii/Jireenyaa Gaafachuu	10
2.2.2. Tarkaanfii Lammaffoo : Gamaggama Barbaachisummaa Simannaaf Hordoffii OFII Taasisu	10
■ Barbaachisa Addaa Qabdan kan Wiirtuun Galmeexiyyeeffatu	10
■ Dhiyeessii Simannaan Walqabate	11
2.3. Hordoffii Dhaquu Wiirtuu Galmeexiyyee Boodaa	11
3. Haala Qormaata Iyyata Koolu Galtummaa	12
3.1. Qormaata Waajjira Faransaay kan Eegumsa Koolu Galtootaaf Lammi-dhabootaa (OFPRA)n Taasifamu	12
■ Unkaa OFPRA Guutamu	12
■ Faayila Iyyataa OFPRAn Gahuu	13
■ Ragaa Iyyatni OFPRA Qaqqabuu	13
■ Adeemsa Baratameen ykn Adeemsa Atattamaan Qorannoo Iyyataa	14
■ Af-gaaffii OFPRA-itti Taasifamu	14
■ Qorannoo Fayyaa	15
■ Murtee OFPRA	15
■ Murtee OFPRA Mormuun Ol-Iyyata	17
■ Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii	17
3.2. Qormaata Dhaadachi Biyyaaleessaa kan Mirga Koolu Galtummaa (CNDA) Taasisu	18
■ Turtii Ol-iyata	18
■ Gargaarsa Abukaattoo	18
■ Ol-iyata	19
■ Gahiinsa Ol-iyataa Mirkaneessuu	20
■ Ol-iyata Raawwii Murtee Rarraasuu	20
■ Dhaadacha CNDA	21
■ Murtee CNDA	22
■ Beeksisa Murtee CNDA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii	23
3.3. Iyyata Cufame Keessa Deebiin Banuu	23
3.4. Qorannoo Keessa-deebii	23
4. Mirgaa fi Gargaarsaa Simannaa Iyyataa Koolu Galtummaaf Taasifamuun walqabate	24
4.1. Bakka Iyyataan Koolu Galtummaa Jiraatu	25
■ Iddoo Jireenyaa	25
■ Qajeelfama Bakka Jireenyaa	25
■ Bakka Jireenyaa Seenuu fi Lakkisuu	26



4.2. Durgoo Iyyataa Koolu Galtummaa	26
■ ADA Argachuuf Haal-duree	26
■ Dhiyeessa Gaaffii ADA Argachuu	27
■ Hammamtaa Durgoo	27
■ Bu'iinsa durgoo kanaa	27
■ Ol-iyata	28
4.3. Carraa Barnootaa	28
4.4. Waldhaansa Argachuu	29
■ Essatti waldhaanamu ?	29
■ Akkamiin Wabii Waldhaansaa (Inshuraansii Fayyaa) Argachuu Dandeessu ?	30
4.5. Hojii/Dalagaa seenuu	31
5. Dhiibbaa Kufuun Iyyata Koolu Galtummaa Mirga Biyya Turtii Irratti Qabu 32	
5.1. Murtee OFPRA ykn Murtee CNDA Iyyata Kuffise	32
■ Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii	32
■ Murteen CNDA Dubbifamuu ykn Beeksifamuu Kaasee Mirgi Turtii Addaan Cituu	34
5.2. Gargaarsa Biyyatti-deebii	34
5.3. Dirqiin Biyyatti Deebifamuu	35
6. Mirgoota namni Eegumsa Argate Qabu	36
6.1. Faransaayi jiraachuu	36
6.2. Heyyama Jireenyaa Maatiif	37
■ Mirga Jireenyaa Maatiin Keessan Qaban	37
■ Mirga Maatii Gurmeessuu	37
6.3. Daandii Qubannaan Geessisu	38
■ Mallatteessuu Walta'iinsaa Madaqqii Ripaablikaa Waajjira Faransaay Dhimma Baqattummaaf (OFII) Waliin Taasifamu	38
6.4. Mirga (Gargaarsa) Hawaasaa Argachuu	39
■ Bakka Jireenyaa (Mana) Argachuu	39
■ Bobbaa Dalagaa (Hojii) irra	39
■ Waldhaansa Argachuu	39
■ Gargaarsa Hawaasaa fi Maatii Argachuu	40
6.5. Biyya-alaa Dhaquu	40
6.6. Lammummaa Argachuu	41
6.7. Addaan Cituu Eegumsaa	42
Qabsiisa : Teessoo barbaachisoo	43
1. Teessoo Biyyaaleessaa	43
■ Institutions	43
■ Dhaabbata Idil-addunyaa	43
■ Waldaalee	43
2. Teessoo Naannoolee	46
■ Guichets uniques/Wiirtuu Galmee	46
■ Pefeekturoota	48
■ Directions territoriales de l'Office français de l'immigration et de l'intégration (OFII)	53



1. Akaakuu Eegumsaa

Iyyata koolu galtumaa kan dhiheeffattan yoo ta'e, qorachuufis itti gaafatammi kan Faransaay taanaan waajjira Faraansaay kan Eegumsa Godaantootaaf Lammi-dhaboota (OFPRA)-tu qorata. Kunis to'annaa seeraa Dhaadachi Biyyaalessaa kan Mirga Godaansaa (CNDA)n taasisuun ta'uu dha.

Abbootiin taayitaa erga iyyata keessan qoratani booda, mirgi koolu-galaa yookin (ykn) eegumsi namoomaa akka isiniif taasifamu murteessuu ni malu.

1.1. Haala Koolu Galaa

Koolu galaa ta'uu kan dandeessan waantota bu'uraa sadan armaan gadiin ta'a :

- **walta'iinsa Geneva**, kan Adoolessa 28 bara 1951. « Eenyu iyyuu (...) darara qabatamaa sanyummaa, amantii, lammummaa, garee hawaasummaa ykn ilaalcha siyaasaa isaan walqabatee isa mudatu sodaachuun biyya isaa ala jiru, sababa kanaaf biyya isaa irraa eegumsa gaafatee argachuu hindanda'u yoo ta'e heyyama koolu galtummaa argatee koolu galaa ta'a ».
- **koolu galtummaa « heeraa »**, kan jedhamu seensa heeraa bara 1946 toora haaraa 4^{ffaa} irraa kan maddu dha. Kunis « nammi aantummaa bilisummaaf qabuuf jecha gocha raawwateef ariisaan mudate » koolu galtummaan kan heyyamamuuf ta'a.
- **Heyyama Koomishinara Ol-aanaa kan Mootummaa Gamtoomanii (HCR)**, akka heera isaa keeyyata 6 fi 7-itti, HCR akka koolu galaatti yoo isin beekke dha.

1.2. Eegumsa Namoomaa (Gara-nyaattoo)

Eegumsa namoomaa nama kamiifuu kan ulaagaalee seensa koolu galaa hin guunne garuu kan biyya isaatti gidiraa sukkanneessaa kan akka :

- adabbii du'aa ykn ajjeechaan mudachuu danda'u,
- toorcharii, adabbi ykn qabiinsa dhala namaaf hinmallee fi salphinaaf saaxilamuu,
- Siivillii ta'uus, sababa lola waraanaa biyya keessaa ykn idil-addunyaa babal'atee namoota haalmaleen gooluu maluuf jecha, dhuunfaan lubbuu isaaf yaaddoo cimaa qabuuf kennamuu dha.

Haala lammi-dhabaa

Akka walta'iinsi Niiyoorkii kan Fulbaana 28, 1954 haala lammi-dhabummaa ilaalchisuun kaa'een, namni «biyyi kamiyyuu akka seera isaatti lammii kooti hinjennen » haala lammi-dhabaa seena.

Haalli kun akaakuu eegumsa lamaan kana olitti ibsaman irraa adda waan ta'eef adeemsa koolu galtummaan kan ilaalamu miti. Kana taanaan, preefekturri deemuu isin hinqabdan. Kallatiidhumaan



OFPRA-tti iyyachuu qabdu. OFPRAn to'annaa mana murtee bulchiinsaan erga iyyata keessan qoratee booda, akka haala lammi-dhabaa seentan murteessuu ni mala.

2. Daandii Itti-Seensumaa fi Galmeeffamuu Iyyata Koolu Galtummaa

Faransaayitti koolu galtummaa iyyachuuf, dursuun gara caasaa jalqabaa iyyattoota koolu galtummaa simatu (SPADA) yoo dhaqtan filatamaa ta'a. Dhaabbati kun odeeffannoo adeemsa iyyata koolu galtummaan walqabate isiniif kenna. Akkasumas, wiirtuu galmee iyyattoota koolu galtummaa (*guichet unique-Wiirtuu Kenninsa Tajaajila Iddoo Tokkoo, kana booda 'wiirtuu galmee'n eeramu*) kan godinaa iyyattoota galmeessuu irraa beellama isinii ni qaba.

Wiirtuun galmee iyyata keessan ni galmeessa, adeemsa qormaata iyyata keessanii ni murteessa/ramada, haala keessan gamaggamuun simannaa isiniif malu (bakka jireenyaa fi durgoo iyyataa koolu galtummaa) akka argattan ni taasisa.

Haala turtii akkamii keessatti iyyata koolu galtummaa dhiyeessuu dandeessu ?

Haala kamiinuu, turtiin keessan seerawwaa ykn al-seerawwaa ta'us koolu galtummaa iyyachuu ni dandeessu. Al-seerummaan Faransaayi seenuun keessan iyyata koolu galtummaa keessan kan danqu miti.

Faransaayii viizaa qabachuun seentanii viizaan yeroo kan qabus ta'e, iyyata koolu galtummaa guyyaa seentanii kaasee turtii gabaabaa keessatti dhiyeessuu qabdu. Iyyatni erga dirree Faransaayi seentanii kaasee turtii guyyaa 90 booda dhiyeesitu yoo ta'e simannaa isin diduu ni mala.

2.1. Simannaa Jalqabaa Iyyataa Koolu Galtummaa Taasifamu

Wiirtuu galmee iyyattoota koolu galtummaa (GUDA- *guichet unique pour demandeurs d'asile*) deemuu dursuun, caasaa iyyattoota koolu galtummaaf simannaa jalqabaa taasisu (SPADA) dhaquu qabdu. Dhaabboti simannaa jalqabaa kun caalmaan waldaaleen kan gaggeeffaman yoo ta'u, adeemsa iyyata koolu galtummaa akka seentan hordoffii taasisu.

Kanneen simannaa jalqabaa kennan kun ergama kanaa gadii qabu :

- adeemsa iyyata koolu galtummaa irratti odeeffannoo kennu,
- iyyata koolu galmtummaa keessan galmeessuuf, odeeffannoo keessan unkaa sududa (online) guutu,
- beellama wiirtuu galmee isinii qabuu, waraqaa waamichaa beellama kanaa isinii kennu, Waraqaan kun, bakka, guyyaa fi saa'atii isin wiirtuu galmeetti argamuu qabdan isin eera. Yeroomara, beellammi kun guyyaa simanna jalqabaa kanaa kaasee guyyaa 3 booda ta'a. Yoo iyyattootni heddummatan guyyaa 10 dheerachuu ni mala,
- wiirtuun galmeef kan barbaachisu suuraa waraqaa eenyummaa keessan kaasuu dha.

Guutuun faayila keessan wiirtuu galmee kan qaqqabu sududaan ta'a.

Qalbeeffannoo: Guyyaa fi saa'atii wirtuu galmeetti waamamtan kabajuun argamuun dirqama. Yoo saa'atiin beellamaa dabre simatamuu dhabuu fi keessa-deebiin dhaabbata simannaa jalqabaa dhaquun beellama biraa qabachuun dirqii ta'u mala.

Raawwii wiirtuu galmee booda, buufata iyyattoota koolu galtummaa (CADA) ykn caasaa biroo keessaa bakka jireenyaa dhaabbataa hinarganne taanaan, teessoon (mana'uu) keessaan SPADA ta'a, (kutaa 2.2.1 « Teessoo Keesan Bakka Kam Ibsattu? », ilaalaa).

2.2. Galmeessa Iyyata Koolu Galtummaa Wiirtuu Galmeetti

Iyyatni koolu galtummaa keessan akka galmaa'uuf, haala waraqaa waamtuu (kutaa 2.1 ilaalaa) SPADAn isinii kenne ibsuun wiirtuu galmee dhaquu qabdu.

Hojjetootni wiirtuu galmee garee bakka-bu'oota pefeekturii fi kan Waajjira Faransaay dhimma Baqattootaaf Madaqqii (OFII) kan of-keessa qabu ta'ee simannaa keessan raawwachuuf jecha addumaan kan bobba'anii dha.

Dirree Faransaayii godina adda addaatti kan argaman walumaagalatti wiirtuu galmee 33 tu jira (tarree qabsiisaa kana waliin jiru irratti argattu).

Beellammi wiirtuu galmee kutaa lamaan raawwata :

- jalqabaa, baka-bu'ootni pefeekturii iyyata keessan galmeessuu (kutaa 2.2.1 ilaalaa),
- lammaffoo, bakka bu'ootni OFII barbaachisa addaa qabdan gamaggamuu, haala simannaa isinii malu murteessuu (kutaa 2.2.2 ilaalaa) ta'a.

Iyyata koolu galtummaa keessan galmeessuuf, teessoo poostaa qabaachuun dirqii dhaa ?

Iyyata koolu galtummaa keessan galmeessuuf, bakka jireenyaa dhaabbataa (teessoo poostaa) qabaachuun kan barbaachisu miti.

Garuu, waraqaa iyyataa koolu galtummaa ta'uu keessan ragaasu haaromsuuf ni barbaachisaa (kutaa 2.2.1 « kenna waraqaa ragaa iyyataa koolu galtummaa», ilaalaa).

2.2.1. Tarkaanfii Jalqabaa : Pefeekturiitti Galmeessa Iyyata Koolu Galtummaa Keessanii

Ijoollee xixiqqaa waliin jirtan qabduu ?

Ijoollee ol-adeemoo keessan waliin jirtu yoo ta'e, isaanis akka iyyattoota koolu galtummaatti waraqaa iyyataa koolu galtummaa keessan ragaasu irratti tarraa'u. Abbaa fi haadhi iyyattoota koolu galtummaa taanaan, ijoollee xixiqqoon turtii adeemsa iyyata koolu galtummaaf, waraqaa haadhaa kan akka maatii eeramuu/maqoomuu irratti kan galmaa'aan ta'u.

■ Biyya Iyyata Keessan Qorachuuf Itti-gaafatama Qabu Adda Baasuu

Odeeffannoo caasaa simannaa jalqabaa irraa wiirtuu galmee gahe irratti hundaa'uun bakka-bu'aan prefeekturii itti-gaafatammi qoranno iyyata kanaa kan Faransaay ta'uu/dhiisuu addaan baasuu irratti bobba'a.

Kanaafis, umurriin keessan ganna 14 fi ol taanaan, ashaaraa harkaa fuudha. Itti-aansuun erga biyya keessan lakkistanii biyyoota kam akka qaxxaamurtan ilaalchisee dhuunfaadhaa af-gaaffii isin waliin taasisa. Kun hundi fakkeenyaaf walitti-dhufeenya maatiwwan biyyoota biroo miseensa gamtaa jiran waliin qabdu yoo ta'e adda baasuuf kan gargaaru ta'a.

Odeeffannoo kanaa fi qajeelfama paarlaamaa Awurooppaa lakkoofsa 604/2013 akkasumas kan kaawunsilii isaa waxabajjii 26, 2013 seera/heera Dubliin 3ffaa jedhamu akka kaa'eetii, biyyi kam iyyata koolu galtummaa keessan qorachuuf itti gaafatama akka qabu adda baafama.

Biyyoota qajeelfammi Dubliin 3^{ffaa} ilaalu

Kanneen kun biyyoota Gamtaa Awurooppaa 28 : Jarmanii, Ostriyaa, Beeljiyeemii, Bulgaariyaa, kiroeshiyaa, Qoophiros, Danmaarkii*, Speeyinii, Estoonyaa, Fiinlaandii, Faransaayii, Giriikii, Hangaarii, Aayerlaandii, Xaaliyaanii, Laativiyyaa, Lituheenyaa, Lukzaamburgi, Maalaa, Neezerlaandii, Poolaandii, Poortugaalii, Ripaablikii Cheekii, Ruumaniyaa, Ingiliizii, Siloovakiyaa, Silooveniyaa, Suweedinii fii biyyoota arfan itti waldooman : Aayislaandii, Noorweeyii, Suweezerlaandi, Liishteenstayin dha.

* Deenmaarkiin qajeelfama "Dubliin 3ffaa" hinfudhanne ta'us waliigaltee Dubliin kan Waxabajji 15, 1990 mallattaa'e jiruu irra oolchuu itti-fuftee jirti.

Akka kanaan, iyyata koolu galtummaa keessan qorachuuf itti-gaafatammi kan Faransaayi osoo hin taane kan biyyi biroo miseensa Gamtaa Awurooppaa ta'uu ni mala, yoo fakkeenyaaf :

- heyyama jireenyaa ykn viizaa yeroon hin xumuramne biyya tokko miseensa gamtaa kan ta'e qabdu ta'e,
- daangaa biyya miseensa gamtaa ta'e tokko al-seera, daandii lafaa, galaanaa ykn qilleensaan qaxxamurtan ta'e,
- dirree Gamtaa Awurooppaa dangaa biyyaa miseensaa tokko viizaa isin barbaachisneen seentan ta'e,
- Kana dura iyyata koolu galtummaa biyya miseensa Gamtaa ta'e tokkotti galfattanii jirtu ta'e dha.

Itti-gaafatammi qorannaan iyyata koolu galtummaa keessan kan biyya miseensa Gamtaa biroo ta'uu ni malaa ?

Adeemsi « Dubliin 3ffaa » jedhamuu ni jalqaba. Kanumaan, prefeekturiin biyyi itti-gaafatammi irra jiru akka isin fudhatu adeemsa barbaachisu geggeessuu jalqaba. Kana keessatti, waraqaa iyyataa koolu galtummaa ta'uu keessan ragaasu turtii ji'a tokkoof isinii kennama. Kunis hanga biyyi itti-gaafatammi irra jirachuu fudhatetti dabruun raawwatutti Faransaayi turuu kan isin dandeessisu, ji'a afuriif kan haaromfamu ta'a.

Dabarfama kanas kan qindeessu tajaajila prefeekturii yoo ta'u, murtee fi akkaataa deemsa keessanii iftoominaan isin beeksisu. Murtee kana mormuuf turtii guyyaa 15 keessatti dhaaddacha (mana murtee) bulchiinsaa iyyata dhiyeessuu dandeessu.

■ Ramaddii/qooddii Iyyata Koolu Galtummaa Keessan

Iyyata keessan qorachuuf itti-gaafatammi kan Faransaay yoo ta'e, OFPRAn haala baratameen (*procédure normale*) ykn haala-atattamaan (*procédure accélérée*)n kan qoratu ta'a. Haala-atattamaa keessatti turtiin qormaata OFPRA gabaabaa guyyoota 15ii qofa ta'a. Hata'u malee wabiin murteef kennamu haala lamanuu keessatti kan wal-fakkaatuu dha.

- **Iyyatni keessan battaluma wiirtuu galmees seenu haala atattamaan akka qoratamu murta'a**, yoo :
 - lammii biyya tasgabbaa'a ta'uun beekamuu dhuftan (tarreen biyyoota kanaa prefeekturii ykn dirree intarneeta OFPRA irratti ni argama),
 - iyyatni kana dura galfattan murtee dhumaan kufee keessa-deebiin akka qoratamu gaaffii dhiyeesitu ta'e dha.
- Akkasumas, battaluma wirtuu galmees seenu, **iiyyatni keessan akka haala atattamaan qoratamu murtaa'uu** ni mala, yoo :
 - ashaara kennuu diddu ta'e,
 - ragaadhaaf dokumantii sobaa dhiyeessuun qaamota taayitaa dogoggorsuu feetan, eeruu sobaa laattan, odeeffannoo tokko tokko dhoqsitan ta'e,
 - eenyummaa adda-addaatiin iyyata hedduu galfattan ta'e,
 - Faransaayii erga seentaanii kaasee, iyyata koolu galtummaa galfachuuf turtii heyyamaa (guyyaa 90, *Guyane*-itti guyyaa 60) dabre ta'e,
 - murtee isin gaggeessuu gufachiisuuf qofa iyyata koolu galtummaa dhiyeesitu ta'e,
 - turtiin keessan jiruuf-jireenya fi nageenya hawaasaa, ykn mootummaa cimsee kan jeequ ta'e dha.

OFPRAn iyyata yeroo galmees haala atattamaan qoratamuuf qoodamees, kan sababi nageenya haawaasaa alaa ta'e, haala baratameen keessatti akka qoratamu deebisee qoodu ni mala.

Iyyatni koolu galtummaa keessanii ramaddi haala atattamaan qoratamuu seene yoo ta'e, beeksisi barruu kooppii hedduu waliin isin kennamaa. Iyyata keessan waliin qabsiisuun kooppii tokko OFPRAf erguu qabdu. Murtee OFPRA ol-iiyattu taanaan, kooppii biroo Mana Murte Biyyoleessaa kan Mirga Koolu Galtummaa (CNDA)f erguu qabdu.

Haala addaa : Tarkaanfii Fageeffamuu, Adabbii Biyyaa Lakkisuu kan bulchiinsaan ykn seeraan kenname isin ilaalu jiraa ?

Murteen isin ilaalu akkasii jiraachuun iyyata koolu galtummaa keessan galmeessuuf gufuu (danqaraa) hin ta'u.

Iyyata keessan Faransaayitu qorata taanaan, manatti eegamuu ykn buufata to'annaa keessa galfamuu isin mudachuu mala.

Haala akkasii keessatti, OFPRAn iyyata keessan manatti eegamuu ykn buufata to'annaa seenuu keessanii kaasee turtii gabaabaa (saa'atii 96) itti qorata. Iyyatni keessan fudhatama dhabaa ykn kufaa ta'e, mirgi turtii keessan ni raawwata. Saa'atii 48 keessatti dhaadacha bulchiinsaa, hanga CNDAn ol iyyata keessan qoratutti murteen isin fageessuu/gaggeessuu raawwii akka hin taane (arraafamu) gaafachuu ni dandeessu (kutaa 5.1 ilaalaa).

■ Af-gaaffii OFPRAf Filannoo Afaanii

Iyyata keessan Farasaayiiitu qorata taanaan, barruun himata keessan OFPRAf erga dhiyaatee booda, haalli addaa jira yoo hin taane OFPRAn af-gaaffii isin waama.

Kanaaf, yeroo galmee iyyata koolu galtummaa taasifan afaan ittiin af-gaaffii gaggeessuu dandeessan tokko filachuu qabdu. Barruun tarree afaan OFPRAn af-gaaffii ittin gaggeessuu 115 qabu isiniif kennama. Afaan filattan kun kan booda jijjiiramu osoo hin taane hanga iyyatni keessan qoratamee murtee xumuraa argatutti kan tajaajiluu itti fufu ta'a.

Afaan barruu kana irratti tarraa'aan keessaa tokko hin filanne yoo ta'e, himatni keessan afaan gahaan beektan tokkoon kan gaggeeffamu ta'a.

Mormii ykn falma filannoo afaan qormaataa iyyata koolu galtummaa keessan tajaajile irratti qabachuu maltan himachuu kan dandeessan, adeemsa murtee OFPRA mormuun ol iyyata CNDAf dhiyeessitan keessatti qofa ta'a.

Qalbeeffannoo : Turtii haalli af-gaaffii OFPRA waliin taasifamu, dandeettii afaanii sadarqaa waliigaltee ol kan gaafatuu dha. Waan kana ta'eef, afaan filattan, afaan haala quufsaan isinii galuu fi kan salphaatti ittiin yaada ibsachuu dandeessan ta'uu qaba.

■ Kenninsa Ragaa Iyyataa Koolu Galtummaa Ta'uu

Erga biyyi iyyata koolu galtummaa keessan qorachuuf itti-gaafatama qabu fi adeemsi iyyanoo koolu galtummaa keessan qoodamee addaa bahee booda, ragaan iyyataa koolu galtummaa ta'uu mirkaneessu isinii kennama.

Itti-gaafatammi qormaata iyyata keessani kan biyya biroo miseensa Gamtaa ta'e, ragaan jalqaba kennamu ji'a tokkoof kan fayyadu ta'a. Kunis ji'a afur-afuriin ni haaromfama (kutaa 2.2.1 « Biyya iyyata keessan qorachuuf itti-gaafatama qabu adda baasuu », ilaalaa).

Iyyata keessan Farasaayiiitu qorata taanaan, waraqaa iyyataa ta'u keessan ragaasu kan jalqabaa isinii kennama.

Ragaa kunis:


- iyyatni keessan adeemsa baratamaan kan qoratamu yoo ta'e ji'a kudhaniif,
- iyyatni keessan adeemsa atattamaan kan qoratamu yoo ta'e ji'a ja'aaf kan tajaajilu dha.

Haalleen armaan gadii yoo hin jirre pefeekturiin ragaa kana isinii kennuu diduu hin qabu:

- kana dura iyyata keessa-debiin akka ilaalamu dhiyeeffattan kufee ammas akka keessa-debiin ilaalamu dhiyeeffattu ta'e (mata duree 3.4 ilaalaa),
- biyya keessan kan hin taane biyya biraatti akka dabartan murteen xumuraa jira, ajaji to'anna jala isin oolchuu kan Aawuroopaa ykn kan idil-addunyaa jira ta'ee dha.

Ragaa kana argachuu kaasee turtii guyyoota 21 keessatti (iyyatni keessa-debiin kan qoratamu yoo ta'e, guyyoota 8, kutaa 3.3 fi 3.4, ilaalaa), formii/unkaa iyyata koolu galtummaa pefeekturiin kenne OFPRA-itti (kutaa 3.1 « Qormaata OFPRAn Taasifamu », ilaalaa) erguu qabdu. Faayilli keessan guutuu (hirri'ina hin qabu) taanaan OFPRAn xalayaa nagahee ragaasu isiniif kan ergu ta'a.

Ragaa iyyataa koolu galtummaa ta'uu keessan mirkaneessu kana haaromsuuf waajjira pefeekturii teessoo keessan jiru dhaquu qabdu. Iyyatni keessan kan qoratamu haala baratamaa ykn adeemsa atattamaanis ta'e ragaan kun ji'a ja'aaf kan haaromsamu ta'a.



Yeroo gaaffii ragaa haaromsuu dhiyeessitan, dokumantii dabalataa pefeektiuriin gaafatu mara, keessattu teessoo keessan kan mirkaneessu dhiyeessuu qabdu. Ol-iyata CNDA-itti galfaachuu keessan mirkaneessuuf ‘ragaa ol iyyatni qaqqabuu’ dhaadachi (kutaa 3.2 « Qormaata Dhaadacha Biyyaaleessaa kan Mirga Koolu Galtummaa Taasisu», ilaalaa) isiniif erge dhiheessuu qabdu.

Teessoo Keesan Bakka Kam Ibsattu ?

Iyyatni koolu galtummaa Ammajjii 1, 2019 kaasee kan galmaa’ee yoo ta’e, teessoo keessan haala kanaa gadiin ibsachuu dandeesuu.

- buufata iyyattoota koolu galtummaa ykn kan biroo dhaabbataa ta’e (kan kutaa hooteelaa hin taane) keessa jirtu yoo ta’e, ragaa dhiyeessuun,
- mana dhuunfaa keessan ykn kireeffattan, ykn bakka jireenyaa kan haadha(abbaa) worraa/ilmoo/maatii ykn isaan kireeffatan keessa jirtu yoo ta’e ragaa dhiyeessuun,
- kanaa alaa, dhaabbota simannaa jalqabaa tajaajila teessoo kennuuf aangoman biraa ragaa dhiyeessuun (kutaa 2.1 ilaalaa) ta’a.

Iyyatni koolu galtummaa Ammajjii 1, 2019 dura kan galmaa’ee yoo ta’e teessoo keessan haala kanaa oliin ibsachuu ykn teessoo qaama 3ffaan ibsachuu itti-fufuu ni dandeesuu.

Waraqaan iyyataa koolu galtummaa ragaasu kun hanga mirga biyya kana turuun hin mulqamnetti kan haaromfamu ta’a. Irra-caalaa, turtiin kun hanga iyyata koolu galtummaa keessan OFPRAN qoratamee murtee beeksifamtan, yoo murtee OFPRA ol-iyattan ta’e hanga CNDAN murtee isin beeksisu ykn murtee isaa dhaadacha banaa ta’etti dubbisutti ta’a.

Hata’u malee, waraqaan iyyataa koolu galtummaa ragaasu kana isin mulquun ykn isiniif haaromsuu diduun ni mala, yoo :

- OFPRAN iyyata keessan fudhatama dhabaa ykn murteen kufaa taasissee isin beeksise. Kunis mirga biyya kana turuu qabdan (kutaa 5.1 « Murtee OFPRA ykn murtee CNDA iyyata kuffise », ilaalaa) kan addaan kutu ta’a,
- ol-iyata CNDA duratti dhiyeessuuf turtiin daanga’e hin kabajne (kutaa 3.2 « Qormaata Dhaadacha Biyyolessaa kan Mirga Koolu Galtummaa Taasisu », ilaalaa) ta’ee dha.

Qalbeeffannoo : Waraqaan ragaa iyyataa koolu galtummaa biyyoota Gamtaa Awuroppaa keessa bilisaan naanna’uuf kan isin fayyadu hin ta’u.

■ Sababa Koolu Galtummaa Irraa Adda Ta’een Heyyama Turtii/Jireenyaa Gaafachuu

Iyyata keessan qorachuuf itti-gaafatammi kan Farasaayi yoo ta’e, sababa koolu galtummaa irraa adda ta’een, heyrama jireenyaa gaafachuu akka dandeesan odeeffannoon isinii kennama.

Barruun odeeffannoo turtii iyyata akkanaa dhiyeeffachuuf heyrama ibsu isiniif kennama. Turtii kun yoo dabre, sababa quufsa malee iyyata dhiyeessuu hin dandeesan.

2.2.2. Tarkaanfii Lammaffoo : Gamaggama Barbaachisummaa Simannaaf Hordoffii OFII Taasisu

■ Barbaachisa Addaa Qabdan kan Wiirtuun Galmeexiyyeffatu

Guyyaa bellama wiirtuu galmeexiyyeffatu, iyyatni koolu galtummaa keessan galmaa’uu booda, bakka-bu’aan OFII simannaa isin barbaachisuu fi haala addaa qabdan gamaggamuuf qaamaan isiniin wal’arga.

Af-gaaffiin kun iccitiin kan qabamuu ta'e sababa koolu galtummaa iyyattan kan ilaalu miti. Tarii simannaa addaa yoo isin barbaachisa ta'e baruuf jecha gaaffiin adda addaa isiniif dhiyaachuu mala. Haala addaa qabdan ilaalcha keessa galchuun hojjetaan OFII bakka jireenya haala keessa madaalu fi mijaahaa ta'etti isin qajeelchuu danda'a.

Gaaffiilee dhiyaatan kanaaf deebii kennuu ykn deebii dhorquun mirga qabdani dha. Hata'u malee, yoo deebii hin laanne, rakkoo haala keessa jirtan OFPRAf eeruu fi qajeelcha bakka jireenyaa haala keessan hin madaalleen walqabatee rakkoo isin mudachuu maluuf bulchiinsi itti gaafatama hin fudhatu.

Dokumantii waldhaansaa/fayyaa qabachuun Faransaay geessan yoo ta'e, bakka-bu'aan OFII poostaa saamsameen ogeeyya fayyaa OFIIf erguun hordoffii addaa isin barbachisu irratti yaada gaafachuu danda'a. Dhibee fayyaa qabdu yoo ta'e gara mana yaala ykn kutaa waldhaansa atattamaa kan hoospitaala dhiyoo jirutti isin qajeelchuu ni mala.

Dabalatees, bakka-bu'aan OFII ofumaan haala saaxilamummaa kan qabdan ta'uu yoo hubate, heyyama keessaniin, haala kana OFPRA eeruu ni danda'a. Kunis OFPRAn, yoo danda'ame, haala adeemsa qorannoo iyyata koolu galtummaa keessatti akka ilaalcha seenu (fakkeenyaaf seensa warra hirr'ina qaama qabaniif, hiikaa aflatoo) taasisa. Garuu, ilaalcha seenu haalaa gamaggamuun kan ejjennoo fudhatu OFPRA dha.

Haalli rakkoof saaxilamummaa kun hanga adeemsi koolu galtummaa keessan turutii kan xiyyeeffannaa argatu ta'a. Hojjetooti hawaasaa bakka jireenyaa fi waldooti dhimma bulchiinsaaf hawaasaa irratti hordoffii isiniif taasisan haala addaa kana xiyyeeffannoo ni galchu.

■ Dhiyeessii Simannaan Walqabate

Yeroo beellama wiirtuu galmees, simannaa deeggarsa of-keessaa qabu akka argattan OFIIn yaada isinii dhiyeessa. Simannaan kunis hanga sababa iyyata koolu galtummaan biyya kana turuu heyyama qabdu ta'etti kan itti-fufu ta'a.

Dokumantiin dhiyeessii simannaa ilaalchisee OFIIn wiirtuu galmees kennu, hammamtaa gargaarsa argattan shallaguuf jecha lakkoofsa maatii keessanii ni qabata. Adeemsi iyyata kooluu galtummaa osoo hin xumuramin, daa'immi dhalate ykn dhufee maatiitti kan makamu yoo ta'e, gargaarsa dabalataa malu shallaguuf OFIIn dokumantii kana ni haaromsa.

Akka kutaa 4^{ffaa} qajeelcha kana irratti ibsame, simannaan kan walqabatu mirga :

- yoo kana dura bakki jireenyaa isiniif hin kennamne ta'e, bakka jireenyaa tokkotti qajeelfamuu (kutaa 4.1 « Bakka Iyyataan Koolu Galtummaa Jiraatu », ilaalaa),
- haala seeraa admalee, durgoo iyyataa koolu galtummaa (kutaa 4.2 « Durgoo Iyyataa Koolu Galtummaa », ilaalaa) argachuu qabdu.

Yoo bakki simannaa godina tokkoo guute, OFIIn godina biraatti isin qajeelchuun ni danda'a. Hanga qorannoon iyyata keessan murtee xumura argatutti bakka kana turuu qabdu (kutaa 4.1 « Bakka Iyyataan Koolu Galtummaa Jiraatu », ilaalaa)

2.3. Hordoffii Dhaquu Wiirtuu Galmees Boodaa

Beellama wiirtuu galmees booda, giddugaleessa jireenyaa keessatti hordoffii argachuu akka dandeessan yaadni isinii dhiyaata. Kunis buufata iyyattoota koolu galtummaa (CADA) ykn iddoo atattamaan qubatan dhaabbataa (hoteela miti) keessatti ta'u ni mala.

Bakkeen akkasii keessatti dahoo hin arganne yoo ta'e, OFIIn gara dhaabbata simannaa jalqabaa (SPADA) isin qajeelchuun akka hordoffii argattan taasisa (kutaa 2.1).

Hordoffiin taasifamu kan hawaasaa, gargaarsa seeraa fi bulchiinsaan walqabate kun teessoo keessanis kan ilaalu ta'a (kutaa 2.2.1 « Teessoo Keesan Bakka Kam Ibsattu ? », ilaalaa). Itti-gaafatammi iyyanno keessan qorachuu kan Faransaayi yoo ta'e, faayila himata OFPRAf dhiyeessitan qindeessu irrattis gargaarsa kan argattan ta'a.

Qalbeeffannaa : Teesson keessan SPADA yoo ta'e, qajeelcha SPADAn kennu hordofuun yeroo yeroon xalayaa keessan fudhachuun dubbisuu qabdu.

3. Haala Qormaata Iyyata Koolu Galtummaa

Itti-gaafatammi iyyata keessan qorachuu kan Faransaayi yoo ta'e, Waajjira Faransaay kan Eegumsa Koolu Galtootaaf Lammi-dhabootaa (OFPRA)-tu, to'annaa seeraa Dhaadacha Biyyaalessaa kan Mirga Koolu Galtummaa jallatti kan gaggeessu ta'a.

3.1. Qormaata Waajjira Faransaay kan Eegumsa Koolu Galtootaaf Lammi-dhabootaa (OFPRA)n Taasifamu

Yeroo iyyatni koolu galtummaa keessan galmaa'e, akka qoratamuuf prefeekturiin unkaa iyyataa guutamee OFPRA-itti ergamuu qabu isiniif kenne. Kunis waajjirichi qoratee akka murtee fudhatu kan gargaaruu dha.

Iyyata OFPRAn qoratee murteen kuffise mormuuf CNDA-itti (kutaa 3.2 « Qorannoo dhaadacha Biyyaalessaa kan mirga koolu galtummaa taasifamu », ilaalaa) ol-iiyata dhiyeessuun ni jira.

Yeroo iyyata koolu galtummaa galfattan akaakuu eegumsa barbaaddan (eegumsa koolu gala ykn eegumsa namoomaa) addeessuun isin irraa hin eegamu. Eegumsi lamaanuu adeemsa tokkon kan ilaalaman ta'a. Duraan dursee iyyatni keessan roga koolu galtummaa ni seena/hin seenuun erga ilaalamee booda, haalli keessan roga eegumsa namoomaan kan ilalamu ta'a.

■ Unkaa OFPRA Guutamu

Unkaan kun afaan Faransaayiin guutamee, mallataa'ee, kooppii ragaa iyyataa koolu galtummaa kan yeroo qabuu fi suuraa waraqaa eenyummaa lama akkasumas yoo jiraate dokumantii of-harkaa qabdan walqabsiisuun kan ergamu ta'a.

Iyyatni keessan adeemsa atattamaan qoramuuf qoodame yoo ta'es, kooppii waraqaa kana ibsu yeroo raawwii galmee isinii kennames walqabsiisuun ergu qabdu.

Ragaaleen kun hundi iyyata keessan OFPRA-itti galmeessuuf barbaachisoo dha.

Ijoolleen ol-adeemmoon isin waliin jiran, rakkoof saaxilamoo yoo ta'an, haala isaanii kana unkaa keessatti ibsuun barbaachisa ta'a. Yoo abbaa fi haadhii koolu galtummaa iyyatu ta'e, sodaan/rakkoon ijoolleen qabaan/qabaachuu malan unkaa haadhaa irratti kan ibsamuu ta'a.

Odeeffannoon unkaan iyyata koolu galtummaa keessan seene iccitiin kan qabamuu ta'ee haala kamiinuu abbootii taayitaa biyya keessaniif kan kennamu miti.



■ Faayila Iyyataa OFPRAn Gahuu

Faayila iyyata keessanii qindeessuun, guyyaa waraqaan iyyataa koolu galtummaa ragaasu isinii kennamee kaasee **turtii guyyaa 21^{ffaa}** (8^{ffaa} yoo kan keessa deebin banamu ta'e-kutaa 3.3, – faayila iyyata koolu galtummaa cufame turee deebisanii banuu- 'Qorannoo Keessa-Deebii'- kutaa 3.4 ilaalaa) **keessatti erguu qabdu.**

Karaa mana poostaa qofa teessoo :

OFPRA
201, rue Carnot
94 136 FONTENAY-SOUS-BOIS CEDEX
itti ergamuu qaba.

Fakkeenyaaf, yoo waraqaan iyyata koolu galtummaa ragaasu gaafa Ammajjii 10 isiniif kenname ta'e, faayilli keessan yoo ture gaafa Ammajjii 31 OFPRA qaqqabuu qaba. Kanaafis ragaan chaappaa mana poostaatti yeroo ergan irratti rukuatamu ta'a.

Faayilli keessan « Xalayaa galmaa'ee fi nagaheen—'*lettre recommandée avec avis de réception*') bakki abbaa erguu katabbii salphaatti dubbifamuun erguun cimnaan kan yaadachifamuu dha.

Yoo faayilli keessan guutuu hin taane, OFPRAN deebisee erguun akka guuttanii keessa deebiin ergittan turtii dabalataa guyyaa 8 (guyyaa 4 yoo keessa deebiin kan banamu ykn keessa deebiin qoratamu ta'e) kenna. Turtii kenname keessatti guuttanii itti hin ergitan yoo ta'e OFPRAn iyyata keessan cufuu, mirgi turti qabdan addaan cituu fi waraqaan iyyataa koolu galtummaa ragaasu haaromfamu diduun isin mudachuu mala.

Adeemsa iyyata kanaa keessatti yeroo kamuu, odeeffanno dabalataa xalayaan OFPRAf erguu ni dandeessu. Kooppii OFPRAf ergitan, isa biraas isinii dhufuu fi 'ragaa nagahee' mana poostaa harka qalbiin qabachuutu isin irraa eegama. Xalayaa OFPRAf ergitan hunda irratti lakkoofsa faayila keessan kan waajjirri xalayaa 'iyyatni nagahee' jedhuu irratti isin beeksise eeruu dagachuu hin qabdan.

Murtee Iyyataa Argachuu Dursuun Teessoo jijjiirtanii ?

Yoo OFPRAf teessoo bakka jireenya keessaniin walhidhata qabu, mana'uu keessaniin adda ta'e, kennitanii fi bakka jireenyaa kanas ni jijjiirtu ta'e, turtii malee OFPRA beeksisuun dirqii dha. Kanas karaa dirree intarneetaa OFPRA (www.ofpra.gouv.fr), bakka « *Démarches en ligne* » jedhuun beeksisuun kan filatamuu dha.

Mana dhuunfaa keessan, kireeffatan, ykn mana kan abbaa-/haadha-warra /abbaa/haadha/ilmoo keessanii ykn isaan kireeffatan keessa turuun teessoo kanas ni jijjiirtu yoo ta'e, OFIL beeksisuu qabdu.

■ Ragaa Iyyatni OFPRA Qaqqabuu

Faayilli iyyataa guutuu fi turtii daangaa'etti gahe yoo ta'e, OFPRAn ragaa iyyatni qaqqabuu fi lakkoofsa galme'e faayila keessan xalayaa (dokumantii) isinii erguun kan mirkaneessu ta'a.

Dokumantiin kunis iyyatni koolu galtummaa keessan haala guutee OFPRA qaqqabuu isaa seeraa duratti kan ragaasu ta'a.

Akkasumas, dokumantiin kun waraqaan iyyataa koolu galtummaa jalqaba isinii kenname haaromsuu akka dandeessan kan heyyamu (kutaa 2.2.1 « Kenninsa Ragaa Iyyataa Koolu Galtummaa Ta'uu », ilaalaa) ta'a.

Yeroo hedduu, waamichi beellama af-gaaffii xalayaadhuma iyyatni galmaa'uu beeksisu waliin kan dhufu ta'a. Kana yoo ta'e, waamichi beellama af-gaaffii dudduma xalayaa kana irratti kan ibsamu ta'a. Waamichi beellama af-gaaffii dudda xalayaa kana irra hin jiru yoo ta'e, turee xalayaa biroon kan isin qaqqabu ta'a.

■ Adeemsa Baratameen ykn Adeemsa Atattamaan Qorannoo Iyyataa

OFPRAn iyyata koolu galtummaa keessan, adeemsa baratameen ykn adeemsa atattamaan kan qoratu ta'a.

Akkuma kutaa 2.2.1 (Ramaddi Iyyata Koolu Galtummaa Keessan) jalatti ibsame, turtiin qorannoo adeemsa atattamaan taasifamu gabaabaa guyyoota 15 ta'us wabiin murteef kennamu kan adeemsa qoranno baratameen walfakkii dha. Iyyatni koolu galtummaa keessan OFPRAn adeemsa atattamaan kan qoratamu, yeroodhuma wiirtuu galmee seene qorannoo atattamma keessatti yoo qoodamee dha. Hata'u malee, OFPRAn faayila iyyata keessaniif haala addaa keessan ilaaluun hubannoo argateen, iyyatni keessan akka adeemsa qorannoo baratame keessatti qoodamu murteessuu ni danda'a. Kunis kan ta'u, biyya kana turuun keessan jiruuf-jireenya, nageenya sabaaf mootummaaf madda yaaddoo cimaa ta'e yoo hin ilaalamne qofa dha.

Kara biras OFPRAn yoo :

- isin dokumantii dharaa/sobaa dhiyeessitan, eeruu dharaa laattan, odeeffannoo ykn dokumantii OFPRA dogogorsuuf dhoqsitan ta'e,
- iyyata biroo eenyummaa sobaan dhiyeessitan ta'e,
- iyyata keessaniif sababa eegumsaan hidhata hinqabne qofa himattan ta'e,
- himanaan keessan dhaaba hin qabu, walfaalleessaa, dhara ykn kan amanamu mitii fi jechi keessan hubannoo waajjirri kun biyya keessan irratti qabuun faallaa ta'ee argame, iyyatni keessan adeemsa qorannoo atattamaa keessatti akka qoodamu taasisu mala.

Adeemsa qorannoo atattamaatti qoodamuu kana falmuu kan dandeessan adeemsa murtee waajjira kanaa mormuun CNDA-itti ol-iyyata taasifan keessatti qofa ta'a.

■ Af-gaaffii OFPRA-itti Taasifamu

Iyyatni keessan OFPRA-itti erga galmaa'ee booda, af-gaaffii gaggeessuuf waraqaa waamtuu tokko kan isin qaqqabu ta'a.

Af-gaaffiin haala lamaan kanaa gadii qofa keessatti kan hin gaggeeffamne (hafu) ta'a. kunis yoo,

- himannaan faayilli keessan qabate quufsaa ta'ee OFPRAn mirga koolu galaa kan isinii kabaju ta'e,
- haalli waldhaansa fayyaa keessa jirtan, fedhii keessan ala, af-gaaffiif dhiyaachuu kan isin danqu ta'ee dha.

Af-gaaffiif waamantu yoo ta'e, teessoo OFPRA *Fontenay-sous Bois* dhaquun dirqama ta'a. Af-gaaffiin, oofiisara eegumsaa OFPRA « *officier de protection* » jedhamu waliin, yoo barbaachise bakka namni afaan isin wiirtuu galmeetti filattan ykn afaan biroo kan sirriitti beektan hiiku (kuta 2.2.1 « Af-gaaffii OFPRAf Filannoo Afaanii », ilaalaa) OFPRAn qopheesse argametti kan gaggeeffamuu ta'a. Hata'u malee, yeroo barbaaddanitti af-gaaffiin akka Afaan Faransaayiin gaggeeffamu gaaffachuu ni dandeesu. Afaan yeroo af-gaaffii kanaa mormuu kan dandeessan adeemsa murtee CNDA-itti ol iyyattan keessatti qofa.

Af-gaaffii irraa haftu yoo ta'e, OFPRAn himanna faayilaan dhiyeete qofa irrattatti hundaa'uun murtee iyyataa kennuu ykn faayila cufuu ni mala. Kanaaf, yoo rakkoon dhayaachuu isin oolchu, saa'atii



beellamaa booda hafuun isin mudata ta'e, yeroo beellamaa saa'atii 48 dursuun teessoo Emaila waraqaa waamtuu irratti argamuun OFPRA beeksisuun dirqii dha.

Yoo barbaachisaa ta'e, abukaattoo ykn bakka-bu'aa waldaa OFPRA irraa beekamtii qabu waliin bakka af-gaaffii dhufuu ni dandeessu. Akka kanaan, xumura af-gaaffii booda yaada/hubannoo isaanii himachuu ni danda'u. Hata'u malee, abukaattoon ykn bakka-bu'aan waldaa saa'atii beellamaatti hin dhiyaanne yoo ta'e, af-gaaffiin guyyaa biraatti kan dabru hin ta'u. Yoo hirr'ina qaamaa qabdu ta'e, ogeeyya fayyaa isin hordofu ykn bakka-bu'aa waldaa namoota hirr'ina qaama qaban gargaaran faana af-gaaffii dhufuu gaaffii dhiyeessuu ni dandeessu.

Sababa iyyata keessanii himachuun ulfaataa ykn rakkisaa, keessattuu kan miidhaa salquunnamtin hidhata qabu yoo ta'e, af-gaaffiin kun bakka oofisara waajjiraa fi/ykn afaan hiikaa koorniyaa isin filattan qabaniin akka gaggeeffamu dursuun OFPRA gaafachuu ni dandeessu.

Af-gaaffiin taasifamu kun iccitiin qabama. Oofiisarii eegumsaa, himata af-gaaffii isin waliin gaggeeffame mara tartiibaan ni barreessa. Yoo kooppiin kanaa akka isiniif kennamu gaafattan, qorannoo adeemsa baratamee taanaan murtee dursuun, kan atattamaa taanaan, yoo ture murtee waliin kan isin gahu ta'a.

Sagaleen af-gaaffii gaggeeffamus ni waraabama. Hata'u malee, waraabbii kana argachuu kan dandeessan, murtee OFPRAn fudhate mormuun adeemsa ol iyyata taasifan keessatti qofa ta'a.

Teessoo OFPRA Fontenay-sous-Bois Alatti Af-gaaffii Isin Waliin Gaggeessuun Ni Jiraa ?

Fageenyi bakka jirtanii (keessattuu dirree Faransaay baar-gamaa) ykn haalli addaa keessan (sababa fayyaa fi maatii deemuuf danqamtu ykn to'atama jala jirtuu) sababeeffachuun bakka Fontenay-sous-Bois irraa adda ta'etti, af-gaaffiin fagoomatti meeshaalee walqunnamtii (raadiyoo/viideyoo) gaggeeffamuu ni mala.

Haala akkasii keessatti, yoo barbaachisaa ta'e, abukaattoo ykn bakka-bu'aan waldaa isin cina taa'uu danda'a. Afaan hiikaan gama oofiisara eegumsaa cina ta'a.

Dirree Faransaay baar-gamaa ykn Faransaayuma keessatti kutaa adda-addaa jirtanittis, oofisara OFPRA waliin af-gaaffii gaggeessuun ni jiraata, damee OFPRA *Cayenne*-itti yoo godina Guyane ta'e, ykn naannoo birootti yeroo OFPRAn qorannoof bobbaasii taasisu ta'a.

■ Qorannoo Fayyaa

OFPRA qorannoo fayyaa keessan akka taasifamu isin gaafachuu ni danda'a. Qoranno fayyaa kana gaggeessuu yoo diddan garuu hirr'ina faayilaa ta'uun ilaalamee akka OFPRAn murtee hin laanne kan taasisu miti. Ol-adeemaa yoo taatan, fi iyyatni koolu galtummaa maqaa keessaniin sodaa kittaanaaf saaxilamuu sababeeffachuun dhiyaate jira ta'e, kaffaltii qorannoo fayyaa kanaan walqabate OFPRAn kan baasu ta'a. Ogeeyyi fayyaa dokumantii gabaasa qorannoo kanaa kallattiin OFPRAf kan ergu yoo ta'u kooppii isaa abbaa/haadha ykn bakka bu'aa seeraa keessaniif harkatti kan kennu ta'a

■ Murtee OFPRA

✓ **Turtii**



Turtiin OFPRAn iyyata tokkoof murtee kennu dhaabbataa kan ta'e miti. Qorannoo adeemsa atattamaaf guyyaan 15 turtii giddugalaa yoo ta'u, qorannoo adeemsa baratameef hangaa ji'oota hedduu dheerachuu ni mala. Turtii dheeraa ta'eef callisuun OFPRA, iyyatni keessan kufaa ta'uu kan eeru miti. OFPRAn turtii ji'a 6 keessatti murtee hin kennu yoo ta'e xalayaan kan isin beeksisu ta'a. Kanaafuu yeroo yeroon xalayaa keessan faana bu'uun argachuu fi dubbisuu qabdu.

✓ **Murtee hawwataa**(kutaa 1 « Akaakuu eegumsaa », ilaalaa)

Iyyatni keessan murtee hawwataa argate, jechuun:

- **koolu galaan beekamtan**, OFPRAn murtee kana mirkaneessuuf xalayaa isiniif erga, ykn
- **fayyadama eegumsa namoomaa taatu**, OFPRAn xalayaa kana mirkaneessu isiniif erga. Xalayaan kunis bulchiinsa adda-addaa biratti eegumsa argachuu keessan ragaasuuf kan isin dhiyeessitan ta'a.

✓ **Murtee miti-hawwataa (hawwataa hin taane)**

OFPRAn iyyata koolu galtummaa keessaniif, murtee miti-hawwataa akaakuu 3 kennuu ni danda'a. Kunneenis,

- **murteen iyyata kuffisuu ta'a**

Murtee kana CNDA-itti mormuu ni dandeessu. Haala mirga biyya kana turuu koolu galtummaan walqabate, mata-duree « Beeksisa murtee OFPRA kaasuun addaan cituu mirga turtii » ilaalchisuun kutaa 3.1 jallatti ibsamee jira.

- **murteen fudhatama dhabuu ta'a, yoo :**
 - biyya miseensa Gamtaa Awurooppaa tokko irraa eegumsa isiniif taasifame qabdu ta'e,
 - mirga koolu galaa biyyaa 3^{ffaa} Gamtaa alaa isinii kenne kan deebitanii seenuu dandeessan qabdu ta'ee dha.


Murtee kanas CNDA duratti mormuu ni dandeessu. Garuu, sababa koolu galtummaan mirga biyya kana turuu, ol-iyyatni kun CNDAf dhiyaatus, argachuu kan isin dandeesisu hin ta'u (kutaa 3.1 « Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii», ilaalaa).

- **murteen faayila iyyataa cufuu ta'a, yoo,**
 - yeroo af-gaaffii ykn xalayaa dhaan akka iyyata keessan kaaftan OFPRA beeksistan ta'e,
 - iyyata keessan turtii guyyoota 21 keessatti hin dhiyeesine ykn af-gaaffii irraa ooltan ta'e,
 - ta'e jechuun odeeffannoo iyyata keessan qorachuuf barbaachisu kennuu diddu ta'e,
 - teessoo keessan turtii gahaa ta'e keessatti waajjiraaf sababa hin laanneef, isin qunnamuun dadhabamaa ta'e, fi
 - iyyatni keessan wiirtuutti galmaa'uus sababa quufsa hin qabu, faayila keessan OFPRAf hin ergine ta'ee dha.

Murtee kana mormuu ni dandeessu. Garuu CNDA duratti osoo hin taane dhaadacha bulchiinsaatti dhiyeessuu kan qabdan ta'a. kana booda, sababa iyyata koolu galtummaan mirga turtii dirree Faransaay irratti hin qabdan (kutaa 3.1 « Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii», ilaalaa). Beeksisa cufamuu faayilaa kanaa kaasee turtii ji'a 9 keessatti al-tokko akka keessa-deebiin banamee qoratamu gaafachuu ni dandeessu (kutaa 3.1 ilaalaa).

✓ **Haala ergii murtee OFPRA**

Murteen OFPRA Afaan Faransaayiin barreeffamee kan isin gahu ta'a. Akkasumas, murteen kun kan iyyata kuffise yoo ta'e, dokumantii itti-gala murtee kanaa afaan gahaan beektan tokkotti hiikame qabatee waliin kan isin qaqqabu ta'a.



OFPRAN Karaa Dijitaalaa Iyyata Galfachuu Keessan Ragaa Kennuu, Af-gaaffiif Isin Waamu fi Murtee Fudhatu Isin Beeksisuu ni Danda'a a?

OFPRAN teknooloojii dijitaalii qofa gargaaramuun karaa akka'untii dhuunfaan, iyyatni isa qaqqabuu beeksisuu, af-gaaffiif waamu, murtee iyyata qoratee fudhatu beeksisuu isa dandeessisu qindeessee jira.

Kun hojiirra oolee kan isin ilaaluu yoo ta'e, yeroodhuma iyyatni keessan galmaa'u ykn akka kutaa 2.2.1 keessatti ibsame adeemsi Dubliin isin ilaaluun taasifamu fiixaan bahuu hanqatee iyyata keessan qorachuun gara Faransaay-itti yammuu naanna'u akka beektan taasifama. Akkataa raawwii kanaa barruun kan isin kennamu ta'a.

■ Murtee OFPRA Mormuun Ol-Iyyata

Guyyaa beeksisu murtee OFPRA isin qaqqabee kaasee turtii ji'a tokko keessatti CNDA (kutaa 3. 2 « Qormaata Dhaadacha Biyyaaleessaa kan Mirga Koolu Galtummaa (CNDA) Taasifamu», ilaalaa) duratti mormuun ol iyyata dhiyeessuu ni dandeessu. Ol iyyata CNDA duratti hin dhiyeeffanne ykn turtii ji'a tokkoo dabarsuun dhiyeeffattan yoo ta'e, mirgi biyya kana turuu qabdan addaan cituun, waraqaa iyyataa koolu galtummaa ragaasu mulqamuu ykn haaromfamuu diduun isin mudata. Faransaayiin lakkisuun bahuu qabdu.

Mormii dhiyeessuuf gargaarsa seeraa/abukaatto barbaaddu yoo ta'e, guyyaa beeksisu OFPRA isin qaqqabee kaasuun turtii guyyoota 15 keessatti gaafachuu qabdu. Gaaffiin gargaarsa kanaa, lakkoofsa turtii ji'a tokko kenname addaan kutuun turtiin hafe guyyaa gaaffiin gargaarsa seeraa kun murtee argatee kaasee lakkaa'uu kan jalqabu ta'a (kutaa 3.2 « Gargaarsa Abukaattoo », ilaalaa).

Murtee CNDA fudhatu irratti mormiin qabdan ykn OFPRAN qabaachuu malu kaawunsilii mootummaaf dhiyaachuu ni mala.

■ Beeksisu Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii

Gara caalu, turtii qormaati koolu galtummaa keessan gaafatu, ol-iiyata seeraa dabalatee, turuuf kan mirga qabdan ta'a.

Hata'u malee, murteen OFPRA kanaa gaditti taroome tokko isin ilaala yoo ta'e, mirgi turtii qabdan kan addaan citu ta'a. Kunis,

1. Iyyatni murteen fudhatama dhabe: sababa eegumsa biyya biraa qabdan, biyyi kun Gamtaa Awurooppaa ala yoo ta'e heyyama deebitanii itti-seenu qabdu (kutaa 3.3) ta'e,
2. faayilli iyyataa murteen cufame (kutaa 3.3) ta'e,
3. iyyatni murteen kufe: sababa lammii biyya tasgabii qabaachuun beekamuu dhuftaniif adeemsa atattamaan qoratame ta'e,
4. iyyatni murteen kufe: sababa biyya kana turuun keessan jiruuf jireenya uumataaf madda yaaddoo ta'ef atattamaan qoratame ta'e,
5. iyyatni murteen kufe: gaaffii keessa-deebiin qoratamuuf dhiyaatee fudhatama dhabaa ta'e,

6. iyyatni murteen fudhatama dhabe: gaaffii yeroo jalqabaaf keessa-deebiin qoratamuuf dhiyaate ta'e fi
7. iyyata fudhatama dhabe ykn murteen kufe: sababa tarkaanfii biyyaa baafamu jala jirtaniif, dhorqaaf adabbii dirree bulchiinsaaf seeraa seenuu isin ilaalu jira, manatti eegamtu ykn buufata to'annaa jala jirtu (kutaa 2.2.1 « Tarkaanfii Fageeffamuu, Adabbii Biyya Lakkisuu kan Bulchiinsaan ykn Seeraan Kenname isin Ilaalu Jiraa? », ilaalaa).

Haala akanaa keessatti, waraqaa iyyataa koolu-galtummaa ragaasu mulqamuun ykn haaromsuu diduun isin mudachuu fi dirqama dirree Faransaayii lakkisuu isin ilaalu bahuu ni malaa (kutaa 5 ilaalaa).

3.2. Qormaata Dhaadachi Biyyaaleessaa kan Mirga Koolu Galtummaa (CNDA) Taasisu.

■ Turtii Ol-iiyyata

Murtee OFPRA iyyata kuffise mormuuf ol-iiyyata keessan guyyaa beeksisi murtee isin qaqqabee kaasee turtii ji'a tokkoo keessatti CNDAf dhiyeessuu qabdu. Ol-iiyyata kana qorachuun CNDAn:

- murtee OFPRA iyyata keessan fudhatama dhabsiise ykn kuffise haqee mirga eegumsaa akka isinii kabaju gaafachuu dandeessu,
- murteen fayyadamma eegumsa namoomaa isin kabaje haqee mirga koolu galaa akka isin beeku gaafachuu dandeessu. Yoo kun ta'e, hanga CNDA mirga koolu galaa isin hin heyyamnetti, bu'aa mirga eegumsa namoomaan walqabate argachaa iyyata itti-fuftu (kutaa 6 «Mirgoota Namni Eegumsa Argate Qabu », ilaalaa) dandeessu. CNDAn yoo haala koolu galaa isinii heyyamu dide, murtee OFPRAn eegumsa namoomaa isinii beeke kaasuu hin danda'u.

Ol-iiyyatni kun turtiin ji'a tokkoo daanga'e gubachuu dura CNDA-itti dhiyaachuu qaba (fakkeenyaaf, yoo xalayaa murteen kufuu iyyataa beeksisi mana poostaa gaafa Amajjii 20 isin gahe, ol-iiyyatni keessan Guraandhala 21 halkaan waarii dursuun CNDA gahuu qaba). Ol-iiyyatni xalayaa galmeef-nagaheen, xalayaa leexaan ykn faaksiin CNDA qaqqabuu danda'a. Of-eggannaaf garuu, ol-iiyyatni keessan turtii ji'a tokko keessatti akka qaqqabuuf jecha guyyaa turtiin gubatu dursuun xalayaan erguu ykn faaksiin yoo ta'e guyyaa dhumaa halkan waarii dursuun erguu qabdu. Yoo turtiin kun gubate, dhaadachii ol-iiyyata keessan fudhatama dhabsiisa, jechuun osoo isin hin dhaggeeffatin ykn hin qoratin kan kuffisu ta'a.

■ Gargaarsa Abukaattoo

Ol-iiyyata dhaadacha CNDA-duratti dhiyeeffattan irratti gargaarsa (bakka-bu'iinsa) abukaattoo argachuu ni dandeessu. Kana argachuufis, gaaffii gargaarsa seeraa dhiyeeffachuun barbaachisaa ta'a. Baasiin abukaattoo guutumaa-guutuutti, mootummaan kan kaffalamu ta'a. Abukaattoon kaffaltii isin gaaffachuuf mirga hin qabu.

Gargaarsa seeraa/abukaattoo argachuuf, gaaffii biiroo gargaarsa seeraa CNDA-itti guyyaa beeksisi murteen kufuu iyyataa OFPRA isin qaqqabee kaasee turtii guyyoota 15 keessatti dhiyeessuu qabdu.

Teessoon biiroo gargaarsa seeraa kun:

Bureau de l'aide juridictionnelle (BAJ) de la CNDA

Cour nationale du droit d'asile

35, rue Cuvier

93 558 MONTREUIL-SOUS-BOIS

Yoo abukaattoon isin gargaaruuf fedhii qabu jira ta'e akka isinii ramadmau maqaa isaa eeruu ni dandeessu. Kana malees, akka CNDAn abukaattoo tokko isin ramadu gaafachuu ni dandeessu. Osoo

gargaarsa seeraa argachaa jirtanii, haala kamiinuu, inni isin gaafatus, abukaattoof kaffaltii taasisuu hin qabdan.

Yoo ol-iiyatni keessan fudhatama dhabaa ta'ee argame malee, gargaarsa seeraa isin didduun hin danda'aamu.

Gaaffiin gargaarsa seeraa keessan turtii guyyoota 15ii kabajee dhiyaate yoo ta'e, hanga gaaffiin gargaarsa seeraa kun murtee argatutti, turtiin ji'a tokkoo ol-iiyata CNDA-itti dhiyeessuu kan rarra'uu ta'a. Turtiin kun guyyaa biirtoon gargaarsa seeraa gaaffii keessaniif murtee kennee kaasee deebisee lakkaa'uu jalqaba. Akka kanaan, ol-iiyata keessan CNDA-itti dhiyeessuuf turtii haaraa ji'a tokkoo irraa guyyoota beeksisa OFPRA fi gaaffiin gargaarsa seeraa dhiyaatee gidduu jiran hira'ate kan qabdan ta'a.

Fakkeenyaaf, OFPRAN gaafa Amajjii 15 murtee iyyata kuffisuu isin beeksise. Gargaarsa seeraa gaafachuuf turtii guyyoota 15 qabdu. Yoo Amajjii 20, beeksisa OFPRA kaasee turtii guyyoota 5 booda gaaffii gargaarsa seeraa dhiyeessitan, guyyaa biirtoon gargaarsa seeraa gaaffii gargaarsa seeraaf murtee kennuu kaasee guyyoota 26 keessatti ol-iiyata keessan dhiyeessuu qabdu.

■ Ol-iiyata

Haalli kanaa gadii kabajamuu qaba.

- dursuun odeeffannoo dudda xalayaa murtee OFPRA irra jiru qalbiin dubbisuu qabdu,
- ol-iiyatni waraqaa adii irratti barruu Afaan Faransaayiin kan dhiyaatu (unkaan addaan kanaaf qophaa'ee hin jiru) ta'ee maqaa, maqaa abbaa, guyyaa dhalootaa, lammummaa fi teessoo keessan ibsuu qaba,
- ol-iiyata irratti mallatteessuu qabdu, ol-adeemaa taanaan, bakka bu'aan seeraa keessan mallatteessuu qaba,
- ol-iiyatni kooppii murtee OFPRAN walqabatee dhiyaachuun dirqii dha,
- Iiyatni koolu galtummaa keessani adeemsa qorannoo atattamaa keessatti qoodame yoo ta'e, kooppii kana beeksise yeroo wiirtuu galme'e iyyata koolu galtummaa isiniif kenname walqabsiisuun erguu qabdu (kutaa 2.2.1 «Ramaddii/qooddii iyyata koolu galtummaa keessan», ilaalaa),
- ijoo-dubbii ol-iiyataa cimsuu ykn gabbisuu qabdu, jechuun sababa OFPRAN iyyata keessan kuffiseef ykn heyyama koolu galaa osoo hintaane fayyadamaa eegumsa namoomaa isiniif beeke maaliif akka mormitan ibsuu qabdu,
- dokumantii of-harkaa qabdan eenyummaa lammummaa keessan ragaasu erguu qabdu,
- dokumantii seenaa ykn himata keessan cimsuu ykn gabbisu malu erguu qabdu,
- afaan af-gaaffii OFPRA waliin ta'e irratti mormii qabdan ol-iiyata keessatti ibsuu, CNDA-itti afaan kamiin akka isin ta'us eeruu qabdu. Yoo CNDA mormii keessaniif dhageettii kenne garuu nama afaan isin gaafattan hiiku dhabe afaan isinii gala jedhamee fudhatamu tokkoon kan gaggeeffamu ta'a,
- ragaa ol-iiyata erguu keessan akkasumas kooppii ol-iiyata keessan kaa'aachuu qabdu,
- jijjiiraa teessoo mara CNDA beeksisuu qabdu,
- erga galmaa'ee booda odeeffannoo faayila ol-iiyataa keessan beekuuf gaafachuus ta'e argachuuf mirga qabdu.

Ragaa lammummaa of-harkaa qabdan ilaalchisee orijinaalii qabachuun kooppii paaspoortii ykn kooppii waraqaa eenyummaa erguun filatamaa ta'a. Of-harkaa qabaachuun sanadoota kanaa, xalayaa CNDAN



karaa mana poostaa galmeef-nagahee waliin ergu fudhachuuf isin barbaachisa. Orijinaalii sanadoota kana guyyaa dhaadachaa yoo abbootiin seeraa isin gaafatan agarsiisuu ni dandeessu.

Dokumantii himata keessan cimsu ykn ragaasu ilaalchisee, orijinaalii ol-iiyataan qabsiisuun kooppii yoo qabattan wayya. Dokumantiin kun guyyaa dhaadachaa akka isinii deebi'u yoo gaafattan, isinii kennamuu ykn guyyaa sana booda xalayaan akka isin qaqqabuu ni taasifama. Dokumantiin hiikaa afaanii waliin dhiyaatu malee, CNDAn itti-gargaaramuu hin danda'u. Hata'u malee, dokumantiin kun afaan hiikaa gahumsa kakuu seeraa qabu hiikuun dirqii miti, yoo haala-siiviilummaa, kan mana murtee ykn kan waajjira poolisii irraa madde ta'e malee.

Guyyaa dhageettii dhaadachaaf waamamtan yoo ta'e, odeeffannoo dabalataa barrun hanga guyyaa waraqaa waamtuu irratti daanga'etti erguu ni dandeessu.

■ Gahiinsa Ol-iiyataa Mirkaneessuu

Erga ol-iiyatni keessan galmaa'ee booda, CNDAn teessoo isin beeksiftanitti dokumantii « *accusé de réception d'un recours* – ragaasa qaqqabuu ol-iiyataa » jedhu isiniif kan ergu ta'a. Dokumantiin kun ol-iiyatni keessan galmaa'uu kan ragaasuu dha.

Haala ad-malee, (kutaa « Ol-iiyata raawwii murtee rarraasuu » kana-gadii ilaalaa), dokumantiin kun waraqaa iyyataa koolu galtummaa ragaasu haaromsuuf kan heyyamu ta'a. Kana jechuun, hanga CNDAn ol-iiyata keessan qoratee murtee kennutti Faransaayi turuu akka dandeessan kan isin taasisuu dha.

■ Ol-iiyata Raawwii Murtee Rarraasuu

Waliigalatti, murtee OFPRA iyyata keessan kuffise mormuuf mirga ol-iiyata CNDaf dhiyeessuu qabdu. Ol-iiyatni kun mataan isaa (hal-duree malee) raawwii murtee kan rarraasuu ta'a. Kana jechuun, hanga turtiin ol-iiyataaf daanga'e gubatutti ykn, yoo ol-iiyattan, hanga dhaadachi kun ol-iiyata keessan qoratee murtee kennutti, mirga itti-fufiinsaan biyya Faransaayi turuu qabdu.

Yoo, iyyatni koolu galtummaa keessan murtee dhumaan kufuu dursuun mirga biyya Faransaay turuu dhabdan (kutaa 3.1 «Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii », ilaalaa), **mirga murtee kana mormuuf CNDA-itti ol-iiyachuu qabdan ta'us, ol-iiyatni kun aangoo raawwii rarraasuu hin qabu, yoo:**

- ✓ **murteen fudhatame kan ol-iiyatni raawwii rarraasu miti ta'e, murteen biyyaa baasuu fudhatamee tarkaanfiin raawwii jalqabee jira ta'e,**
 1. iyyatni murtee OFPRAn fudhatama dhabe, sababa eegumsa biyya biraa qabdan, biyyi kun Gamtaa Awuroppaa ala yoo ta'e deebitanii seenuu dandeessu (kutaa 3.3) ta'e,
 2. iyyatni murtee OFPRAn cufame (kutaa 3.3) ta'e,
 3. iyyatni murtee OFPRAn fudhatama dhabe, iyyata keessa-deebii jalqabaa, tarkaanfii biyyaa baasuu gufachiisuu qofaaf kan dhiyaate ta'e dha.
- ✓ **ol-iiyatni haal-duree malee raawwii kan rarraasu waan hin taaneef, manni murtee bulchiinsaa hanga CNDAn ol-iiyata keessan qoratee murtee kennutti tarkaanfii isin fageessuuf taasifamu akka rarraasu gaafachuu dandeessu, yoo :**
 1. iyyatni murtee OFPRAn kufe-, iyyata koolu galtummaa adeemsa qorannoo atattamaan goodame, sababa biyya tasgabii qabaachuun beekamuu dhuftaniif ta'e,

2. iyyatni murtee OFPRAn kufe-, iyyata koolu galtummaa adeemsa qorannoo atattamaan qoodame, sababa dirree biyyaalessaa irra turuun keessan jiruuf jireenya nagaaf madda yaaddo cimaa ta'e,
3. iyyatni murtee OFPRAn kufe-, iyyata keessa-deebiin qoratamuuf fudhatame,
4. iyyatni murtee OFPRAn fudhatama dhabe-iiyyata keessa deebiin qoratamuuf dhiyaate, fageeffamuu danquu qofa dhiyaatee sababeffachuun,
5. iyyatni murtee OFPRAn fudhatama dhabe ykn kufe-, tarkaanfii biyyaa baafamu jala jirtu, adabbii biyya bahuu bulchiinsaaf seeraa isin ilaalu jira, manatti eegamtu ykn buufata to'annaa keessa jirtu (kuta 2.2.1 «Tarkaanfii Fageeffamuu, Adabbi Biyya Lakkisuu, Bulchiinsaana ykn Seeraan Kenname Isin Ilaalu Jiraa ? », ilaalaa).

Tarkaanfiin raawwii akka rarra'uuf, mormii tarkaanfii fageeffamuu ol-iiyyata keessatti himachuu dandeesuu. Beeksisi tarkaanfii fageeffamuu kan isin qaqqabe, iyyatni koolu galtummaa keessan galmaa'uu dursuun waan ta'eef mormuun hin danda'amu yoo ta'e, yeroo manatti eegamuun jalqabee ykn buufata to'anna seentanii kaasee turtii saa'atii 48 keessatti raawwiin isin faggeessuu akka rarra'u gaaffachuu ni dandeessu.

■ Dhaadacha CNDA

CNDAn iyyata keessan qorachuuf dhageettiif dhaadachatti akka dhiyaattan kan isin waamu ta'a. Waamichi kun, xalayaadhaan guyyaa dhageetti dhaadachaa yoo gabaabbate ji'a tokko dursuun kan isin qaqqabu ta'a. Ol-iiyyatni keessan adeemsa qorannoo atattamaan yoo ta'e, waamichi kun guyyaa dhageettii dhaadachaa guyyoota 15 dursuun kan isin qaqqabu ta'a.

Hata'u malee, yoo ol-iiyyatni keessan ijoo-dubbii cimaa, murtee OFPRAn gaaffii jala galchu hinqabu ta'e, gabaasaan CNDA tokko faayila ol-iiyyata keessanii qoratee, osoo dhaadachatti isin hin waamin murtee ejejaan ol-iiyyata keessan kuffisu fudhachuu ni danda'a.

Kana ala, dhageettiin dhaadacha

- ykn bakka hojii CNDA, *Montreuil, Palais de justice*-itti argamutti gaggeeffama.
- ykn dhageettii viidiiyoon kutaalee Ministeera Haqaa keessatti kan gaggeeffamu ta'a. Eegumsi iccitii fi qulqullinni tamsaasa viidiiyoo yeroo dhageetti dhaadacha kana wabii gahaa kan kennu ta'a.

✓ Gumii abbootii seeraa

Gumiin abbootii seeraa CNDA iyyata keessan qoratu abbaa seeraa tokkotu pirezedaantummaan kan gaggeessu ta'a. Gumii kana keessa, bakka-bu'aa Koomishinii Olaanaa Dhimma Baqattootaa (HCR) kan Mootummaa Gamtoomanii, gahumsa qabu tokko kan of-keessaa qabuu dha. Gumiin kun ol-iiyyata keessaniif murtee kan kennu erga ibsa gabaasaan ol-iiyyata keessan irratti dhiyeessu dhaggeefatee booda ta'a. Gabaasaan iyyata keessan, akka himataa fi ibsa isinii fi, yoo qabdu ta'es, abukaattoon laattan irratti hundaa'uun xiinxalee, osoo ejjennoon isaa gara murteetti hin dabin kan dhiyeessu ta'a.

Yoo waajjirri (OFPRAn) iyyata keessan adeemsa qorannoo atattamaan raawwate ykn kan fudhatama dhabe taasise, CNDA-itti abbaa seeraa tokko qofatu ol-iiyyata keessan qoratee turtii torban shanii keessatti murtee kan kennu ta'a.

Dhaadachis kaka'iinsa mataa isaatiin ykn gaaffii keessaniin, ol-iiyyatni gumiin akka qoratamu murteessuu ni danda'a. Kun kan ta'u, yoo iyyatni qorannoo atattamaa kan seenuu miti, kan fudhatama dhabu miti, ykn rakkoo seeraa cimaa qaba jechuun hubatee dha.

✓ Hiikaa afaanii

CNDAn nama afaan yeroo galmees iyyata koolu galtummaa eertan hiiku (kutaa « Af-gaaffii OFPRAF Filannoo Afaanii » ilaalaa), yoo kun dhabame, afaan isin gahaan dandeessan tokko hiiku af-gaaffii gaggeessuuf akka argamu taasisa. Hiikaa afaanii yeroo af-gaaffii OFPRA ilaalchisuun hirr'ina jiruf mormii qabdan, murtee isaa ol-iiyachuuf CNDA-itti dhiyeessitan waliin himachuu ni dandeessu. Af-gaaffiin meeshaalee walquunnamtii-bilbilaa fi viidiyoon- gaggeeffama yoo ta'e, afaan hiikaan qaamaan, isin waliin kutaa dhageetti keessatti kan argamu ta'a. Yoo afaan hiikaa qaamaan isin waliin ta'u dhabame/dadhabame, afaan hiikaan kun kutaa gama dhaadachi dhageettii gaggeessu keessa jiraachuu osoo adda hin baasiin dhageettii hin gaggeessu.

✓ Dhaadachaaf dhiyaachuu keessan

Dhaadacha irratti akka argamtan cimsuun hubachiifamtu. Danqamtiin ykn boodatti hafuun yoo isin mudate, CNDA beeksisuu qabdu. Yoo Dhaadachaaf dhiyaachuu hin dandeessan ta'e, sababa keessan barruun ibsuun guyyaa biraatti akka dabru gaaffii dhiyeessuu ni dandeessu. Dabarsuun mirga miti. Sababa keessan qorachuun pireezedaantiin gumii abbootii seeraa CNDA gaaffii dhiyaate irratti kan murteessu ta'a.

✓ Dhaadachi Haala ummataaf banaa

Dhageettiin dhaadacha haala ummataaf banaa ta'e keessatti kan gaggeeffamu ta'a. Hata'u malee, dhageettiin ol-iiyata keessanii dhaadacha cufaa ta'een akka gaggeeffamu gaaffii yoo dhiyeessitan, haal-duree malee kan isiniif heyyamamu ta'a.

■ Murtee CNDA

CNDAn murtee akka fudhateen karaa mana poostaa « xalayaa galmaa'een ragaa nagahee waliin - *lettre recommandé avec avis de réception* » akka isin qaqqabu taasisa.

Murteen barruu Afaan Faransaayiin kan isin qaqqabu ta'a. Cuunfaa murtee hubachuu akka dandeessaniif jecha dokumantii afaan isin gahaatti beektan tokkotti hiikaameen walqabate kan isin gahu ta'a.

CNDAn,

- murtee OFPRA haqee mirga koolu galaa ykn fayyadamaa eegumsa namoomaa akka argattan murteessuu ni danda'a. Yoo kun ta'e mirgootuma osoo OFPRAn haalota kana akka seentan heyyamee jira ta'ee argattan ammas akka argattan taasisa,
- murtee OFPRA eegumsa namoomaa taasise haqee mirga koolu galaa akka argattan murteessuu ni danda'a,
- murtee OFPRA mirkaneessuun ol-iiyata keessan kuffisuu ni mala,
- darbee-darbee, murtee OFPRA haquun akka innumti keessa-deebiin qoratu gaafachuu murteessuu danda'a.

Murtee CNDAn fudhate mormuun kaawunsilii mootummaatti iyyata ijibbaataa dhiyeessuun ni danda'ama. Kun garuu iyyata keessan guutumaa guutuutti kan qoratu osoo hin taane, kutaa gaaffii seeraan walqabate qofa kan ilaalu ta'a. Kunis yeroo dheeraa kan gaafatuu fi abukaattoo gahumsa qabu kan barbaaduu ta'a. Gargaarsa seeraa gaafachuun ni danda'ama. Ol-iiyatni kun garuu, dabalataan akka Faransay turtan kan heyyamu miti. Tarkaanfii biyyatti isin deebisuuf taasifamu danquu hin danda'u. Ol-iiyata kana ilaalchisuun, waldaa tokko ykn abukaattoo tokko biraa gorsa gaafachuuf argachuun barbaachisa ta'a.



■ Beeksisa Murtee CNDA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii

Mirgi turtii biyya kanaa keessan kan addaan citu, yeroo:

- murteen CNDA dhaadacha banaatti dubbifamuu dha. Murteen kun akka isin qaqqabus ni ta'a,
- dhaadachi faayila keessan qofa qorachuun murtee eejjaa kennuun gaafa isin beeksisu ta'a.

Mirgi Faransaayi turuu keessan addaan cituu kaasee dirree Faransaay gad-lakkisuu qabdu. Tarkaanfiin dirqii biyya lakkisiisuu isin ilaalu fudhatamuu danda'a (kutaa 5 ilaalaa).

3.3. Iyyata Cufame Keessa Deebiin Banuu

Faayilli iyyata keessanii kan cufame yoo ta'e (kutaa 3.1 « Murtee OFPRA », ilaalaa) si'a tokko qofa, cufamuu isaa kaasee turtii ji'a 9 keessatti keessa-deebiin akka banamu gaafachuu ni dandeessu. Kana gochuuf, dhaabbata iyyattoota koolu galtummaaf simanna jalqabaa kennu (SPADA) deemuu qabdu. Kanatti aansuun wiirtuu galmee dhaquun galmee iyyataa haaromsuu (kutaa 2 ilaalaa) qabdu.

Kana booda, prefeekturiitti galmaa'uu kanaa kaasee turtii guyyoota 8 keessatti iyyata deebiin-banuu kana OFPRAf dhiyeessuu qabdu. Innis qorannoon faayila keessanii bakka addaan citee kaasee akka itti-fufu taasisuu ni mala.

Turtii ji'a 9 keessatti gaaffii deebiin-banuu dhiyeessitan yoo ta'e, haala haaraan heyyama biyya kana turuu fi waraqaa iyyata koolu galtummaa ragaasu kan argattan ta'a.

Ji'ii 9 dabre yoo ta'e, iyyatni keessan deebiin-banuu kun akka gaaffii qorannoo keessa-deebii (kutaa 3.4 «Qorannoo Keessa-deebii », ilaalaa)- itti kan ilaalamu ta'a.

3.4. Qorannoo Keessa-deebii

Erga CNDAn iyyata keessan kuffisee booda, ykn beeksisa murtee OFPRA kaasee turtii ji'a tokko keessatti ol-iyiyata hin dhiyeeffanne ta'e, OFPRAn keessa-deebiin iyyata keessan haaraan akka qoratu gaafachuu dandeessu. Kun kan danda'amu garuu « ijoo himataa haaraa» yoo qabdu ta'e qofa. Akka kanaan, ijoon himataa haaraan kun,

- murtee CNDA booda kan mul'ate ykn dursuun kan ture ta'us jireenya isaa beekuu kan dandeessa garuu booda yoo ta'e,
- haala yoo biiyatti deebitan shakkii fi soodaa dararaa dhuunfaan isin mudachuu malu kan addeessu ykn mirkaneessu ta'ee dha.

Waldaa ykn abukaattoo tokko biraa gorsa fudhachuu barbaachisa ta'a.

Iyyata qorannoo keessa-deebii dhiyeessuuf, gara dhaabbata iyyattoota koolu galtummaaf simanna jalqabaa kennu (SPADA) dhaquu, itti-aansuun wiirtuu galmee deemuun galmee haaromsuu (kutaa 2 ilaalaa) qabdu.

Galmee haaraa taasifame kanaa kaasee, gaaffiin qorannoo keessa-deebii turtii guyyaa 8 keessatti OFPRAf dhiyaachuu qaba. Yoo iyyatni keessan guutuu hintaane, turtii guyyoota 4 keessatti akka guuttan waajjirri isin gaafata.

OFPRAn iyyata keessan irratti qorannoo jalqabaa gaggeessuun, guyyaa dhiyaatee kaasee turtii guyyaa 8 keessatti kan fudhatamu/hin-fudhatamne ta'uu murteessa. Adeemsa qorannoo kana keessatti af-gaaffii isin waamuun barbaachisaa ta'u dhiisuu ni mala.

Qorannoo jalqabaa kana booda, OFPRAn ijoo himataa haaraa dhiyeessitan eegumsa argachuu keessan haala quufsaa ta'een kan ol-kaasu miti jedhee iyyata keessan fudhatama dhabsiisuu ni danda'a.

OFPRAn gaaffii kanaaf fudhatama yoo kenne, murteen addaa jiraatu malee, adeemsa atattamaan guutummaan kan qoratu ta'a.

Gaaffii qorannoo keessa-deebii OFPRAn fudhatama dhabe ykn kufe mormuun CNDA-itti (kutaa 3.2 ilaalaa) ol-iyata dhiyeessuun ni danda'ama.

Hanga Iyyatni Keessa-deebii Qorachuu Dhiyeessitan Murtee Argatutti Biyya Kana Turruuf Mirga Qabduu ?

Gaaffiin qorannoo keessa-deebii (kutaa 3.1 «Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii», ilaalaa) keessan kan jalqabaa yoo ta'e :

- prefeekturiin gaaffiin keessan kan dhiyaate tarkaanfii isin fageessuuf/gaggeessuuf taasifamu gufachiisuuf qofa jechuun hubate, OFPRAn murtee iyyatni keessan fudhatama dhabuu isin beeksisee kaasuun, mirgi turtii keessan addan cita. Tarkaanfiin isin faggeessuu jalqabuun raawwii ta'uu ni mala.
- gaaffiin keessan OFPRAn fudhatama dhabe, prefeekturiin garuu gaaffiin kun faggeeffamuu gufachiisuu qofaaf kan dhiyaate miti jedhee yoo fudhate, beeksisi OFPRA isin gahuu kaasee mirgi turtii addaan cita. Hata'u malee, hanga CNDAn ol-iyata keessan qoratutti, manni murtee bulchiinsaa tarkaanfii isin faggeessuuf fudhatamu akka rarraasu gaaffii dhiyeessuu ni dandeessu.
- OFPRAn gaaffii qorannoo keessa-deebii dhiyeessitan fudhatu erga qoratee booda garuu murteen kuffise, beeksisi OFPRA isin gahuu kaasee mirgi turtii keessan addaan cita. Garuu, hanga CNDAn ol-iyata keessan qoratutti, manni murtee bulchiinsaa tarkaanfii isin faggeessuuf fudhatamu akka rarraasu gaaffii dhiyeessuu dandeessu.

Gaaffiin qorannoo keessa-deebii dhiyeessitan si'a lammaffaaf yoo ta'e mirga turtii dabalataa hin qabdan. Tarkaanfiin isin faggeessuu jalqabee, murtee gaaffii keessanii osoo hin eegin raawwii ta'uu ni mala.

4. Mirgaa fi Gargaarsaa Simannaa Iyyataa Koolu Galtummaaf Taasifamuun walqabate

Akka iyyataa koolu galtummaa tokkootti, gargaarsa haala simannaan walqabate argachuuf mirga qabdu. Kana jechuu,

- bakka jireenya, yoo qabdu ta'es miseensa maatii waliin, buufata iyyattoota koolu galtummaa (CADA) ykn dahoo atattamaatti simatamuu,



- durgoo ji'a kan iyyattoota koolu galtummaa (ADA), kan hammamtaan lakkoofsa maatii irratti hundaa'uun shallagamu (kutaa 4.2) argachuu ta'a.

Yeroo beellama wiirtuu galmeetti iyyatni koolu galtummaa keessan galmaa'u, yaada haala simannaa ibsu OFIIIn (kutaa 2.2.2 ilaalaa) kan isin dhiyaatu ta'a.

Dabalataan, adeemsa bulchiinsaaf hawaasaa gaggeessuu qabdan, faana bu'u iyyata koolu galtummaa, akkasumas bu'a mirga hawaasumma argachuu qabdan keessattu toora barnootaa, fayyaa, fi dalagaa (kutaa 4.3 hanga 4.5 ilaalaa) irratti hordoffii kan argattan ta'a.

4.1. Bakka Iyyataan Koolu Galtummaa Jiraatu

■ Iddoo Jireenyaa

Buufata jireenyaa iyyattoota koolu galtummaa (CADA) fi dahoon turtii atattamaa iyyattoota koolu galtummaa (HUDA)n bakka yeroof qubannaa iyyattootaati. Iddoon jireenyaalee kun mootummaan kan qindaa'aaniif baasii mootummaan tajaajila kan kennanii dha. Gara caalu, waldaaleen kan gaggeeffamanii dha.

Iyyattoota koolu galtummaa simachuuf, iddoon jireenyaa lakkoofsaan hanga 100, 000 taa'uu dirree Faransaay bakka gara garaatti argamu. Kunis akaakuun appaartaamaa, buufata waloo ykn kutaa hoteela ta'u ni mala. Bakkeen CADA ykn HUDA taa'an keessatti, kana akka kutaalee waloo (kushinaa, kutaa dhiqannaaf fincaanii) jiraattota biroon qooddachuu jiraachuu ni danda'a.


Bakka jireenyaa argachuuf, waraqaa iyyataa koolu galtummaa ragaasu kan yeroo hin dabrine qabaachuu barbaachisaa ta'a.

CADA fi HUDA keessatti, adeemsa bulchiinsaaf seeraa (faana bu'iinsa kan iyyata koolu galtummaa, qulqullinaa fi hawaasaa akkasumas kan faayidaalee mirga hawaasumma argachuu qabdan akka waldhaansaa, barnoota ijoollee, kkf) hordoffii taasistan irratti deeggarsa argattu. Yoo kutaa hoteelaa keessa jiraattu ta'e, hordoffiilee kana karaa dhaabbata iyyattoota koolu galtummaaf simanna jalqabaa taasisu (SPADA) kan argattan ta'a.

■ Qajeelfama Bakka Jireenyaa

Gargaarsaa fi hordoffiin simannaan walqabatee jiru (CMA) kan akka bakka jireenyaa fi durgoo iyyata koolu galtummaa (ADA) argachuu ilaalchisuun OFIIIn wiirtuu galme (GUDA))-itti yaada kan isinii dhiyeessu ta'a. Akka kanaan yoo :

- **yaada hordoffii dhiyaate fudhachuu diddan**, bu'an CMA walqabate argachuu hin dandeessan,
- **yaada hordoffii dhiyaate fudhattan**, OFIIIn ramaddii iyyata koolu galtummaa keessan, naannoo ykn godina dirree Faransaay guutuu keessaa bakka argamee irratti hundaa'uun, yaada iddoo jireenyaa CADA ykn HUDA isinii kan dhiyeessu ta'a.



Yaadi bakka jireenyaa isinii dhiyaatu, naannoo ykn godina isin iyyata koolu galtummaa galmeessitan irraa adda ta'u ni mala. Yaada bakka jireenyaa dhiyaate kan yoo fudhachuu diddu ta'e, ADA hin argattan, yaadi bakka jireenyaa biroos isiniif hin dhiyaatu.

Yaadni bakka jireenyaa dhiyaatu yoo dhibe, akka isiniif soquuf OFIIIn gara SPADA-itti isin qajeelchuu ni mala

■ Bakka Jireenyaa Seenuu fi Lakkisuu

Heyyamaan CADA ykn HUDA seentan yoo ta'e, hanga adeemsi iyyata koolu galtummaa keessanii murtee xumuraa (OFPR fi CNDA) argatutti bakkuma kana jiraachuu ni dandeessu.

Hata'u malee, yeroo tokko tokko, erga OFPRAn iyyata murteen kuffisee booda trutiin hanga daanga'ame (kutaa 4.2 « CMAAn Argattan Yoom Addaan Cita ? », ilaalaa) qofaaf ta'a.

Yoo eegumsa koolu galaa ykn fayyadamaa eegumsa namoomaa argattan (murtee OFPRA ykn CNDA, hawwatamaaf xumuraa), CADA ykn HUDA kan turtii ji'a sadii'ii - si'a tokko qofa haaromfamu- keessatti lakkisuu qabdu. Bakka jireenyaa kana keessa turtii heyyamaa kana dabarsuun jiraattu yoo ta'e adeemsi seeraa dirqiin akka lakkistan taasisu jalqabuu ni mala.

Iyyatni koolu galtummaa murtee xumuraa (OFPRA ykn CNDA)n yoo kufe (murtee miti-hawwatamaa ta'e), addaan cituu mirga turtii (kutaa 3.1 hanga 3.2 « Beeksisa Murtee OFPRA/CNDA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii », ilaalaa) kaasuun, seerri kan dhorke ta'u malee, CADA ykn HUDA lakkisuu qabdu.

Turtii kenname keessatti bahuu yoo hanqattan, tarkaanfiin dirqiin isin baasuu fudhatamuu danda'a. Kana jechuun, pefeekturii godinaa, gaggeessaa CADA ykn HUDA irraa ejeji lakkisuu kan isin qaqqabu ta'a. Yoo ejeja kana hin kabajtan ta'e, pefeekturiin godinaa ykn gaggeessaan mana murtee bulchiinsaa irraa ejeji akka bahuu, barbaachisaa ta'es, poolisii fi humni hidhate dhufee dirqiin akka isin baasu himata dhiyeessuu ni malu.

4.2. Durgoo Iyyataa Koolu Galtummaa

Durgoo iyyata koolu galtummaa (ADA) kan bulchu OFII yoo ta'u buusiin karaa eejensii tajaajila kaffaltiin kan raawwatu ta'a.

Akka iyyataa koolu galtummatti heyyama biyya kana turuu ykn iyyata keessan qorachuuf biyya itti-gaafatammi irra jirutti hanga dabruun kennamtanitti durgoon kun toora kaardii OFIIIn kenne kan isinii bu'u ta'a.

■ ADA Argachuuf Haal-duree

Durgoo iyyataa koolu galtummaa (ADA) kan argattan, yoo:



- 1- waraqaa iyyataa koolu galtumma keessan ragaasu qabdu ta'e,
- 2- umurii waggaa/ganna 18 guuttan ta'e fi
- 3- iyyataa koolu galtummaa taatan, yaada gargaarsaaf hordoffii OFIIn yeroo beellama wiirtuu galmee isinii dhiyeesse fudhattanii jirtu ta'ee dha.

Waraqaa Iyyataa Koolu Galtummaa Ragaasu Osoo Hinqaabaatin Hordoffi Argachuun Danda'aa ?

Akkuma kanaa olitti kaa'aame, gaargaarsa hordoffii argachuuf, waraqaa iyyata koolu galtummaa ragaasu kan yeroon hin gubanne qabaachuu barbaachisa.

Ta'u iyyuu, yoo iyyata qorannoo keessa-deebii dhiyeessitu ta'e ykn sababa quufsaa (kutaa 2.2.1 « Rammaddii/Qooddii Iyyata Koolu Galtummaa Keessan », ilaalaa) ala iyyata keessan turtii dabarsuun dhiyeessitan, waraqaa iyyataa koolu galtummaa ragaasuu osoo qabdaniis, gargaarsa simannaan walqabate didamuun isin mudachuu ni mala.

Kanaa ala, iyyattoota murtee OFPRAn sababa (biyya tasgabii qabuu dhufan, jiruuf jireenya ummataaf yaaddoo ta'aaniif) jalaa kufe, kan waraqaan iyyataa koolu galtummaa ragaasu harkaa mulqame ykn haaromfamu dide, murtee OFPRA booda, ol-iyata CNDAf dhiyeessan, hanga abbaan seeraa bulchiinsaa ykn koolu galtummaa murteessutti, CMA argachuu itti-fufu. Hata'u malee gargaarsi kun haala waliin jijjiramuu ykn akaakuun bakka bu'uu akka danda'u baruun barbaachisaa ta'a.

■ Dhiyeessa Gaaffii ADA Argachuu

Yoo iyyataa koolu galtummaa taatan, yaada hordoffii simanaan walqabatee OFIIn isinii dhiyaate fudhattan ta'e, mirgi durgoo iyyataa koolu galtummaa argachuu guyyaa iyyatni keessan wiirtuu galmee seene kan jalqabu ta'a.

Durgoon isinii bu'u kan jalqabu, guyyaa iyyatni keessan wirtuu galmee seenee kaasee turtii guyyoota 21 keessatti iyyatni koolu galtummaa keessan yoo OFPRAf dhiyaatee galmaa'e ta'ee dha.

■ Hammamtaa Durgoo

Durgoo iyyataa koolu galtummaa argachuuf, galiin ji'aa keessan RSA (*revenu de solidarité active*, galiin-gargaarsa) gadi ta'uu isaa mirkaneessuu qabdu.

Durgoon kun baayy'ina maatii waliin jirtan, galiin fi haala bakka jireenyaa keessani irratti hundaa'uun kan shallagamuu dha.

■ Bu'iinsa durgoo kanaa

Bu'iinsi durgoo, erga iyyatni koolu galtummaa keessan OFPRA qaqqabee booda kan jalqabu ta'a. Yoo lakkoofsaa bilbilaa kennitan ta'e, OFIIn durgoon kun kaardii keessan akka seene tajaajila ergaa gabaabaa (SMS)n kan isin beeksisu ta'a.

Durgoon kun hanga dhuma ji'a heyyami biyya Faransaay turuu keessan addaan cituutti (kutaa 3.1 hanga 3.2 « Addaan Cituu Mirga Turtii », ilaalaa) kan isinii bu'uu ta'a.

Buusiin durgoo, dhuma ji'a beeksisa murtee xumuraa ykn dhuma kan iyyata koolu galtummaa keessaniif kennamee kaasee kan dhaabbatu ta'a.

■ Ol-iyyata

Jijjiirama haalaa kan mirga turtii, maatii, galii fi qaxxarii hojiin walqabate OFII beeksisuun dirqama dha. Durgoo ilaalchisee murtee OFIIn fudhate tokko mormuuf, OFII-dhumatti dhiyeessuu qabdu. Yoo walddhibdeen uumame garuu ol-iyyata qorachuun hiree mana murtee bulchiinsaa ta'a.

CMAAn argattan yoom addaan cita ?

Gargaarsaaf hordoffiin simannaan walqabate, dhuma ji'a sababa iyyataa koolu galtummaan biyya kana turuun keessan addaan cituu murtaa'e dhaabbata.

Iyyattootni koolu galtummaa, kan heyyammi turtii biyya kanaa murtee OFPRAn (biyya tasgabbi, yaaddoo jiruuf jireenyaa) sababeeffachuun qorannoo adeemsa atattamaan kuffise, hanga manni murtee bulchiinsa tarkaanfii isaan fageessuu akka rarraasu gaaffii dhiyaateef kuffisutti ykn CNDAN qoratee murteessutti, gargaarsa hordoffii argachuu itti-fufu (kutaa 5.1 ilaalaa).

Yoo eegumsa koolu galaa ykn namoomaa argattan, gargaarsi hordoffii, ji'a beeksisa murtee isin gahee kaasee dhuma ji'a itti-aanuu kan dhaabbatu ta'a.

Hata'u malee, gargaarsaa fi hordoffin simannaan walqabate kun dhaabbachuu danda'a, yoo :

- sababa quufsa malee iddoo jireenyaa keessaa dhiistan ta'e,
- dirqama abbootii taayitaa dhiyaachuu hin kabajne, odeeffannoo gaafatamtan hin laanne ykn af-gaaffii adeemsa koolu galtummaan walqabateef hin dhiyaanne ta'e,
- OFIIn gara bakka jireenyaa ykn SPADA naannoo biraatti argamu isin qajeelchus turtii guyyaa shanii keessatti achi hin geenye ta'e,
- OFIIn gara naannoo biraatti isin qajeelchus heyyama OFII ala lakkistan ta'e,
- galii maallaqa argattan dhoksitan ta'e,
- maatii keessaniin kan walqabatee odeeffanno sobaa kennitan ta'e,
- iyyata hedduu eenyumma gara garaan galchattan ta'e,
- amala madda goolii/okkaraa ta'u qabdu ykn heera ittiin-bulmaata bakka jireenya haala cimaan cabsitan ta'ee dha.

Murtee fudhachuu dursuun, haala uumame irratti yaada keessan barruun akka OFIIf dhiyeessitan kan gaafatamtan ta'a. Galii maallaqa dhoksuun, odeeffannoo dharaa ykn sobaa kan maatii kennuu fi eenyummaa gara garaan iyyata galfachuun, buusii garmalee kenname akka deebisan taasisuu danda'a.

4.3. Carraa Barnootaa

Barnoota argachuu ilaalchisee, ijoolleen iyyattoota koolu galtummaa ijoollee lammiilee biyya kanaa waliin carraa walqixa kan qaban ta'a.

Akka koodiin barnootaa (keeyyata seeraa L.111-2) kaa'etti, « daa'immi hundi mirga barnootaa kan gocha maatii guutaa taasisu fi isa qaroomsu argachuu qaba ». « Barnooti, ijoollee korniyaa (dhiira/dhalaa) lamaanuuf, lammii Faransaay fi lammii biyya alaa umuriin waggaa 6 hanga 16-itti jiruuf dirqama » (koodii gubbaatti xuqame keyyata seeraa L. 131-1).

Raawwiin galmee kan mana barnootaa sadarqaa 1^{ffaa} waajjira bulchiinsa magaalaatti (Marie) ta'a. Dokumantii walitti dhufeenya ijoolle galmaa'aan waliin qabdan ragaasu, teessoo keessan fi ijoolle galmaa'aan talaallii barbaachisu hunda kan fudhateen ta'u ragaa qabachuun dhaquu qabdu.

Galmeen barnootaa Sadarqaa 2^{ffaa} fi *lycée* dhaa, manneenuma barnoota bakka jireenyaa keessaniin dhiiyoo jirutti kan raawwatu ta'a.

Dhaabbati hordoffii bulchiinsaa, seeraa fi hawaasaa isiniif taasisu, kan iddoo jireenyaa kennu ykn simannaa jalqaba (SPADA) OFII waligaltee (kutaa 2.1) qabu adeemsa barbaachissu irratti isin gargaaruu danda'a.

4.4. Waldhaansa Argachuu

■ Essatti waldhaanamu ?

- **Ogeeyya fayyaa bira (hoospitaalaa ala) dhaquu**

Rakkoo fayyaaf, ogeeyya fayya ykn doktoora « généraliste »ii bira deemuun erga qoratee booda dawwaa/qoricha barbaachisu isiniif ejeja. Yoo qorannoo ykn waldhaansa dabalataa barbaachisa ta'es, gara ogeeyya fayyaa biroo akka ispeeshaalistii yknis gara gargaartota fayyaa akka narsii, dhidhiibduu fi leenjiso-qamaatii isin qajeelcha.

- **Farmaasii dhaquu**, dawwa bitachuuf ykn gorsa argachuuf,

- **Hoospitaala dhaquu**, dhibeen atattaama yoo uumame, qorannoo biroo beellamaan ykn ispeeshalistiin ilaalamuun barbaachisaa yoo ta'e dha.

Waldhaansi kun hundi kaffaltiin ta'us garuu dhaabbati wabii waldhaansa isiniif kennu baasii kanaaf kaffaltii raawwachuu danda'a (kutaa kana gadii ilaalaa).

Hanga ragaan wabii waldhaansaa keessan qophaa'ee isin gahutti, tola (kaffaltii malee) waldhaansa argachuuf dhaabbatoota kanaa gadii bira deemu dandeessu.

- waldhaansa (tajaajila fayyaa) maraaf :
 - bakka dhaabataan waldhaansa fayyaa kennu (PASS- *permanences d'accès aux soins de santé*) gara caalu kan hoospitaala keessatti argamu dhaquu dandeessu. Ogeeyyii fayyaa ni argitu, qorichis tola isiniif kennama.
 - waldaaleen gahuumsa qaban adda addaa akka (*Médecins de Monde, le COMEDE...*) yaada doktora- dhibee waliigalaa, ogeessa ilkaanii ykn ispeeshalistii (gadameessaa, agartuu/ijaa, ogeessa xinsammuu fi kkf) kaffaltii malee arguu dandeessu.
- Rakkoole addaaf :
 - hordoffii dubartii ulfaaf talaallii daa'ima waggaa 6 gadiif, buufata PMI (*Protection maternelle infantile*- eegumsa fayyaa haadholeef daa'immanii) dhaquu,

- qoratama TBf: CLAT (*centre de lutte anti tuberculose*-buufata to'annoo fi ittisa tuberkiloosii) dhaquu,
- eedisiif, dhukkuba tiruuf, dhukkuba walquunnamtii saalaan dadabraniif: buufata odeeffannoo/gorsa tolaa, qorannoo fi ilaallii (CeGIDD) dhaquu,
- ulfa ittisuuf mala /fala jiru argachuuf/, giddugala karoora maatii (CPEF) dhaquu,
- araadaaf saaxilamu : buufata yaala, hordoffiif ittiisa araadaa (CSAPA) dgaquu qabdu.

Dhaabbata simanna jalqabaa, buufata jireenyaa ykn hoospitaala biraa teessoo fi odeeffannoo dabalataa argachuu dandeessu ykn dirree <http://annuaresante.ameli.fr> irra ilaalaa.

Yoo dhibeen atattamaa isin mudate lakkoofsa 15 ykn 112 bilbilaa, yoo bilbiluu hin dandeenye gara kutaa atattamaa kan hoospitaala dhiyoo jiruu dheemaa.

■ Akkamiin Wabii Waldhaansaa (Inshuraansii Fayyaa) Argachuu Dandeessu ?

Faransaayitt waldhaansa argachuuf kaffaltii barbaada. Hata'u male, kaffaltii kana guutuumaan ykn keessa hanga tokko kan baasu wabii inshuraansii waldhaansaa argachuu ni dandeessu.

Wabiin waldhaansa idil/waliigalaa (*protection universelle maladie -PUMa*) fi galii irratti hundaa'uun kan deggarsa dabalataa (*Complémentaire santé solidaire -CSS*) kan of-keessaa qabuu dha.

Akka kanaan, Wabii waliigala baasii waldhaansaa gizaaza/manatsariif, yaalii ilkaani (ilkaan sobaa) fi kkf barbaachisu kan aguugu ta'a. Dabalataanis waldhaansa kennameef kaffaltii akka hingafatamne kan hayyamu ta'uu irratti tajaajilla geejibaas kaffaltii gad-bu'aan akka argatan kan hayyamuu dha.

Fayyadamaa kana ta'uuf, dhaabbata wabii waldhaansaa (*caisse primaire d'assurance maladie-CPAM*) bakka teessoo keessan jiru haala armaan gadiin gaafachuu qabdu.

- Daa'ima keessan ol-adeemaaf battaluma iyyatni koolu galtummaa keessaqn galmaa'een unkaa « Mirga Inshuraansii Waldhaansaa Banuu » fi kan « Deggarsa Dabalataa » guutuun ragaa iyyataa koolu galtummaa ta'uu keessan mirkaneessuun walqabsiisuun dhiyeessu qabdu.
- Ofiif (fi haadha warraa keessaniif) Faransaay keessa erga ji'a sadii turtanii booda, unkaalee sana guutuun ragaa iyyataa koolu galtummaa ta'uu keessan mirkaneessu akkasumas ragaa Faransaay ji'a sadii oliif turuu keessan mirkaneessu kan bakka buufataa kennamu, bakka teessoo ta'ee tajaajiluu kennamu, dhaabbata baqattootaaf simannaa jalqabaa taasisu (SPADA) kennamu fi qama sadaffaa (nama dhuunfaa) bira qubatan yoo ta'e ragaa teessoo, ergaa yoomii fi maquma kanaan nagahee kaffaltii kiraa manaa, kan ibsaa, kkf walqabsiisuun dhiyeessu qabdu. .

Daa'ima waldhaansa atattamaan barbaadu qabdu yoo ta'e fi ragaan kana eeruun qabsiisuun yoo dhiyeeffatan faayilli iyyata wabii waldhaansaa keessan atattamaan akka qoratamuu

Adeemsa akkana gaggeessuuf, dhaabbata simannaa jalqabaa (SPADA), buufata jireenyaa (CADA, HUDA fi kkf) akkasumas wiirtuu tajaajila hawaasaa hoospitaalaarra gargaarsa gaafachuu dandeessu.

Wabii waldhaansaa argachuu kan jalqabdan guyyaa faayilli iyyata isaa CPAM galchitan ta'a.

Waan kana ta'eef, daa'ima keessaniif battaluma iyyati koolu galtummaa keessan galmaa'ee, ofiif haadha warraa keessaniif moo akkuma Faransaay keessa ji'a sadii turtaniin wabii waldhaansaa gaaffachuu qabdu.

Waldhaansa isin barbaachisuuf waraqaan ragaa qabachuun ogeeyya fayyaa (doktoora) bira, hospitaalaa fi faarmaasii dhaquu qabdan tokkodu isin qaqqaba. Kunis dhaabbata wabii waldhaansaarraa teessoo keessan unkaa irratti eerameen isin qaqqaba. Tesso keessan unkaa irratti barreessuu qabdu.

Wabiin waldhaansaa isinii kennamu hanga iyyatni koolu galtummaa keessan qoratamee murtee xumuraa argatutti kan tajaajiluu, yoo eegumsi idil-addunyaa isin kabajame moo kan itti-fufu ta'a.

Turtii tajaajilaa deggarsi dabalataa (CSS) waggaa tokko sababa ta'eef wagga-waggaan guyyaa xumura tajaajilaa dokumantii irratti eerame ji'a 4 hanga ji'a 2 dursuun akka haaroomfamu gaaffachuu qabdu.

Hanga mirga wabii waldhaansaa argatanitti gara dhaabota kan olitti mata duree « Essatti waldhaanamu? » jedhu jalatti eeraman deemuun waldhaansa isin barbaachisu tola argachuu dandeessu.

Waldhaansa atattamaa isin barbaachisu hoospitaalatti argattu. Kana jechuun rakkoon fayyaa isin mudatu kan yeroo isiniif hin laanne yoo ta'ee dha, fakkeenyaaf madaa gad-fagoo, cabiinsa, gubachuu, dhukkuba hamaaf daddarbaa ta'een qabamuu fi akkasumas dhibee daa'imaaf dubartii ulfaa hunda (keessatuu ulfaa'uu duraaf booda qorannoo ittisaa, deessisuu, ulfa-baasuu, kkf) dha.

Waldhaansaaf yammuu gara hoospitaalaa deemtan kaffaltii malee tajaajila argachuuf iyyataa koolu galtummaa ta'uu keessan raga mirkaneessu of-harkaa qabaachuu qabdu.

Akka hin dagan

Mirga Wabii Waldhaansaa argachuuf CPAM bakka teessoo keessan jirutti gaaffii battaluma iyyati koolu galtummaa keessan galmaa'een daa'ima keessaniif, ofiif haadha warraa keessaniif moo akkuma Faransaay ji'a sadii turtaniin dhiyeessuu qabdu.

Akkasumas hanga wabii waldhaansaa argattaniit dhaabbata tokko tokko keessatti waldhaansi tolaa kan isinii kennamu fi yoo waldhaansi atattamaa isin barbaachise hoospitaalatti ni argattu.

Haala keessa jirtan irratti jijjirama ta'u hunda CPAM beeksisuu qabdu : kooppii waraqaa iyyataa koolu galtummaa ragaasu yeroo haaroomsamu, kooppii ragaa jijjirama teessoo mirkaneessu, heyyama koolu galaa yoo argattan ta'e, kooppii *récépissé* heyyama jireenyaa gaafachuu keessan ragaasu erguu qabdu.

4.5. Hojii/Dalagaa seenuu

Yoo OFPRAn sababa isin hin ilaalleen, guyyaa iyyata galfattanii kaasee turtii ji'a 6 keessatti murtee hin laatu ta'e, akka iyyataa koolu galtummaa tokkootti heyyama dalaguu argachuu ni dandeessu.

Haala akkasii keessatti, qaama isin qaxaruuf fedhii qabu waliin gaaffii heyyama hojii, waajjira tajaajila hojjaaf-hojjetaa (SMOE kan DIRECCTE) bakka jireenyaa keessan jirutti dhiyeessuu qabdu.

Murteen gaaffii heyyama dalagaa, guyyaa gaaffiin dhiyaatee kaasee turtii ji'a lamaa keessatti waloon kan fudhatan *preefeen* (abbaa taayitaa *prefekturii*) fi DIRECCTE/SMOE dha. Yoo turtii ji'a lamaa keessatii deebiin isin hin qaqqabu ta'e, heyyammi akka kennametti kan ilaalamu ta'a. Ta'us, murteen isiniif qaama isin qaxaruuf jiru kan qaqqabu ta'ee, hanga heyyama turtii biyya kana qabdanitti kan fayyadu ta'a.

Yoo heyyammi dalaguu kenname, raawwii isaa ilaalchisuun kan dalaga koontiraata ji'a 3 ol ta'uf fayyadu ta'uu ykn dalaga wayitii karaa OFII ta'uu akka qabu preefeen addeessee kan beeksisu ta'a.

Ta'us, haala kenna dalagaa naannoo jiru fi toora (akaakuu) dalagaa gaaffiin irratti dhiyaate birqabiin ilaaluun, toorri irratti bobba'u feetan hojjeta argee qaxaruuf rakkoo kan qabu ta'e malee, heyyama dalagaa kan didamuu dandeessu.

Heyyama dalaguu yeroohaa kan qabdan ta'ee, sababa isin hin ilaalleen waliigalteen dalagaa yoo addaan cite ykn turtiin koontiraataa (dalagaa) yoo raawwate akka hojjaa barbaadaatti wiirtuu soqa dalagaa (pôle emploi)-itti galmaa'uu dandeessu.

Ol-adeemaa leexaa (maatii-malee) fi heyyama dalagaa raawwii waliigaltee dalagaa (leenjii) ykn ogeeyyummeessu turtiin daanga'ee qabdu yoo ta'e, bitootteessa 1, 2019 booda iyyata koolu galtummaa dhiyeessitan taanaan, koontiraata kana itti-fufuu dandeessu.

Dhuma irratti, akkuma dalaga irratti bobbaatan, haala koodiin (seerri) dalagaa kaa'een bu'aa leenjii ogeeyyummaa fayyadamaa ta'uu ni dandeessu.

5. Dhiibbaa Kufuun Iyyata Koolu Galtummaa Mirga Biyya Turtii Irratti Qabu

5.1. Murtee OFPRA ykn Murtee CNDA Iyyata Kuffise

■ Beeksisa Murtee OFPRA Kaasuun Addaan Cituu Mirga Turtii

✓ CNDA-itti ol-iiyyatni kan rarraasu miti :


Akkuma kutaa 3.1 jalatti ibsame, yoo murteen OFPRA kanaa gadii keessaa kan isin ilaalu jira ta'e, mirgi turtii biyya kanaa keessan kan addaan citu ta'a. Yoo,

1. iyyatni murteen fudhatama dhabe-, sababa eegumsa biyya biroo qabdaniif, biyyi kunis Gamtaa Awuroppaa (UE) ala yoo ta'e deebitanii seenuu dandeessu (kutaa 3.3) ta'e.
2. iyyatni murteen cufame (kutaa 3.3) ta'e.
3. iyyatni murteen fudhatama dhabe-, sababa tarkaanfiin isin faggeessuu adeemaa jiruu gaaffii qorannoo keessa-deebii jalqaba dhiyeessitan ta'e dha.

Kana taanaan, waraqaan iyyata koolu galtummaa ragaasu mulqamuun ykn haaromsuu diduun, tarkaanfiin dirqiin Faransaay lakkisuu isin mudachuu ni mala. Ol-iiyyatni CNDAf dhiyaatu murtee kan rarraasu miti. Tarkaanfiin isin fageessuu yeroo kamiyyuu raawwii ta'u ni mala.

Iyyata akka itti-hinfufne OFPRA beeksistan yoo ta'e, mirga turtii keessan addaan cita, ol-iiyyatni CNDAf dhiyaatu raawwii murtee kan rarraasu miti.

✓ Akkasumas, ol-iiyyatni CNDAf dhiyaatu matuma isaan murtee kan rarraasu miti, yoo,



murteewwan OFPRA kanaa gadii keessaa kan isin ilaalu jira ta'e mirgi turtii keessan addaan kan citu ta'a.

1. iyyatni murteen fudhatama dabe-, gaaffii qoranno keessa-deebiif jalqaba dhiyaate, utuma tarkaanfiin isin fageessuu hin jiraatin,
2. iyyatni murteen kufe-, gaaffii qoranno keessa-deebiif fudhatamee erga qoratamee booda,
3. iyyatni murteen kufe-, iyyata koolu galtummaa qormaata atattamaatti qoodame sababa lammii biyya tasgabii qabuu dhuftan ta'eef,
4. iyyatni murteen kufe-, iyyata koolu galtummaa qoramaata atattamaan qoodame sababa dirree biyyaalessa turuun keessan jiruuf-jireenyaa-nageenyaaf madda shakkii guddaa ta'e,
5. iyyatni murteen fudhatama dhabe ykn kufe-, tarkaanfiin biyyaa isin baasuu adeemsa irra jiru, adabbii biyya lakkisuu kan bulchiinsaa ykn kan seeraa jala jirtu, mana jireenyaatti eegamtu ykn buufata to'annoo galfamtan (kutaa 2.2.1 « Tarkaanfii Fageeffamu, Adabbii biyya lakkisuu kan Bulchiinsaana ykn Seeraan Kenname Isin Ilaalu Jiraa ? », ilaalaa) ta'ee dha.

Haala 1 hanga 4 keessatti waraqaa iyyata koolu galtummaa ragaasu mulqamuu ykn haaromsuu diduun, dirqammi dirree Faransaayi gad-lakkisuu (OQTF) isin mudachuu ni danda'a.

OQTF isin ilaalu jira yoo ta'e, iyyata koolu galtummaa keessan atattamaan qaorachuu mijeessuuf jecha, tarkaanfiin manatti eegamuu ykn buufata to'anna seenuu isin mudachuu danda'a. Kunis sababa iyyata keessaniif bu'ura ta'e addaan baasuuf ykn nagaa biyyaalessaa fi kan jiruuf jireenya ummataaf barbaachisaa yoo ta'ee argamee dha.

Ol-iiyyatni matuma isaa qofaan raawwii murtee hin rarraasu yoo ta'e, mormii OQTF dhiyeessitan waliin, hanga murtee OFPRA ol-iiyyachuuf barbaachisutti, ol-iiyyattanii jirtus yoo ta'e, hanga CNDAn qorate murtee kennutti akka tarkaanfiin isin fageessuu rarraa'u gaaffii mana murtee bulchiinsaatti dhiyeessuu dandeessu.

